INISTITIIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA ORMIYAA

Hojimaata Badaa Manneen Murtii fi Wajjira Abbaa Alangaa Nannoo Oromiyaa

Dawwiti Geetachoo (LL.B)

K/Mulugeeta Abdataa (LL.B)

Shimallis Dinquu (LL.B,LL.M)

Eebla 2001

ILQSO-Adaamaa

BOQONNAA TOKKO 5

GUMEE QO'ANNOO 5

1.1. Seensa 5

1.2. Barbaachisummaa Qo'annichaa 6

1.3. Kaayyoo Qo'annichaa 6

1.4. Fayyadamtoota Qo'annoo 7

1.5. Mala Qo'annoo 7

1.6. Daangaa Qo'annichaa 8

1.7. Qinda'ina Qo'annichaa 8

BOQONNAA LAMA 10

2. Hojimaata Gaarii: Yaada Waliigalaa 10

1) Angoo Yookiin Imaanaa Tajajila Ummataaf Itti Laatame Haala Seera Qabeessaan Itti-Fayyadamuu Dhabuu (Ause Of Power) 11

2) Angoo Isaaf Laatme Ala Fayyadamuu (Ultra-Virus) 11

2.1. Hiikka fi Yaada Waliigala Hojimaata Badaa 13

2.1.1. Ol-aantummaa Seeraa Kabajuu Dhabu 13

2.1.2. Miira Ittifafatamummaan Hojjechuu Dhabuu 15

2.1.3. Tajaajila Iftooma Hin Qabne Laachuu 16

2.2. Hojimaata Badaa Federalawa Itoophiyaa 18

2.3. Hojmaata Badaa fi Qaamolee Haqaa 22

2.3.1. Ol'aantummaa Seeraa Kabajuu Dhabuu 22

2.3.2. Ifoomaa fi Miira Itti Gafatamummaan Hojjechuu Dhabuu 25

BOQONNAA SADII 28

3. Hojimaata Badaa Manneen Murtii Fi Wajjira Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa 28

3.1. Hojimaata Badaa Naamusa Waliin Wal Qabatan 28

3.1.1. Naamusa Abbaa Seerumaa 28

3.1.1.1. Bilisummaa Guutudhaan Murtii Murteessuu Dhabuu 29

3.1.1.2. Alloogummaan Hojjechuu Dhabuu 30

3.1.1.3. Bellama Baayisuu 33

3.1.1.4. Dhaddacha Ifa Ta'etti Hojechuu Dhabuu Fi Sa'a Hojii Kabajuu Dhabuu 33

3.1.2. Naamusa Abbaa Alangummaa 34

3.1.3. Bilisummaa Hojii 35

3.1.2.2. Loogiin Hojjachuu 36

3.2. Qorannoo Yakkaa fi Hojmaata Badaa 37

3.2.1. Waliigalteen Hojjechuu Dhabuu 38

3.2.2. Hoggansi Ga'aa Ta'e Gama Abbaa Alangaan Dhabamuu 39

3.2.3. Hojimaata Badaa fi Adeemsa Safisaa Falmii yakkaa (Real Time Dhipuch) 39

3.2.4. Hojimaata Badaa Biro Dhimma Qorannoo Yakkaan Wal Qabate 40

3.3. Hojimaata Badaa fi Murtii Safisa Laachuu 41

3.3.1. Hojimaatile Badaa Gama Manneen Murtiitiin Mul'atan 42

3.3.1.1. Waamicha Himatamaaf Godhamu 42

3.3.1.2. Sirna Beellamaa Kabajuu Dhabuu 43

3.3.1.3. Jala Murtiif Beellama Idilee Laachuu 44

3.3.1.4. Hojmaata Badaa Biroo 44

3.3.2. Hojimaatilee Badaa Gama Wajjira Abbaa Alangaatin Mula'atan 44

3.3.2.1. Galmee Qo'annoon Isaa Xumurame Yeroon Gara Mana Murtii Fiduu Dhabuu 45

3.3.2.2. Ragaa Yeroon Dhiyeessuu Dhabuu 45

3.3.3.2.2.1. Ragooliif Waamicha Godhuu 45

3.3.2.2.2. Ragolii Dhiyessuuf Tattaffii fi Hordoffii Gochuu Dhabuu 46

3.3.2.3. Himati Abbaa alangaa qulqulinaa fi ga'umsa dhabuu 46

3.4. Hojimaata Badaa fi Qulqullina Galmee 47

3.4.1. Itti Gafatamuummaa Abbootii Seeraa Baayyina Galmee Murta'uun Madaaluu 47

3.4.2. Galmee Wal Jala Fuchuu..... 48

3.4.3. Ragaa Himataa fi Himatamaa Yeroo Adda Addatti Dhaga'uu 49

3.4.4. Angoon Ala Dhimmoota Ilaaluu fi Seera Diigame Fayyadamuu..... 50

3.4.5. Hojimaata Badaa Biroo Qulqullina Galmeen Walqabatan 50

3.5. Hojimaata Badaa Dhimma ol-iyyannoo Waliin Mulatan..... 50

3.5.1. Hiikkaa fi Barbaachisummaa Ol-iyyannoo..... 50

3.5.2. Haala Ol-iyyannoon Ittiin Dhiyaatu 51

3.5.3. Hojimaata Badaa Dhimma ol-iyyannoo Waliin Mullatan 53

3.5.3.1. Hojimaata Badaa Waajira Abbaa Alangaa Waliin Walqabatan 53

3.5.3.2. Hojimaata Badaa Manneen Murtii Waliin Walqabatan 54

3.5.3.3. Hojimaata Badaa fi Rakkolee Biroo dhimma ol-iyyannootiin Qalqabatan 56

3.6. Hojimaata Badaa fi rawwii Murtii..... 57

Boqonnaa Afru..... 59

Guduunfaa fi Yaada Furmaataa..... 59

4.1. Yaada Gudunfaa 59

4.2. Yaada Furmaataa..... 62

4.2.1. Yaada Furmaata Manneen Murtii Ilaallatan..... 62

4.2.2. Yaada Furmaata Waajjira Abbootii Alanga Waliin Walqabatan..... 65

BOQONNAA TOKKO

GUMEE QO'ANNOO

1.1. Seensa

Kaayyoowwan sagantaa foy'insa sirna haqaa keessaa inni tokko sirna haqaa iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu akasumaas olaantummaa seeraa hojii irra olichuu danda'u ijaaru dha. Kun immoo hojimaata garii fi gudinaa dinagdee itti fufinsa qabu mirkaneessuf gahee olaanaa tabata. Kaayyoo kana galmaan gahuuf wantoota barbaachisan keessaa inni guddan immoo oggeessota seeraa gahuumsaa fi tajaajila kennudhaaf qophii tahaan horachun hundaa oli dhimma xiyyeffanna guddaan itti keennamuu qabuu dha.

Keenniinsi tajaajila haqaa hwwassaf dhiyyaatu hanga danda'ameen beekkumsan, of eeggannoon akkasumas haala itti gaafatamummaa qabuun ademsifamutu irra jiraata. Kanaan walqabatee naamusiin ogummaa seeraa xiyyeffannoo argachuu fi hojiira oluu qaba. Ilaalichii oggeessummaa qamolee haqaa keessatti akka diriiru fi hojii guyyaa guyyaa dhaan abbootii seeraa, abbootii alangaa, poolisoota qoratootaa akkasumas abbukaatota biraati akka babali'atu gochuun barbaachisaa ta'a. haala kanaan tajaajili keennisa haqaa hawwaasa gammachisuu akka danda'u gochun ammantaa hawwasaa horachuun ni danda'ama.

Akka waliigalaatti, kaayyoo sagantaa foyya'insa sirna haqaa galmaan gahuuf qaamoleen haqaa hojimaata badaa irra bilisa ta'u qabu. haaluma kanaan, tajaajila qaama mootummaa kamiinu laatamu ittigafatamummaa guutudhaan ol'aantummaa seeraa dhugoomsuu fi iftoomaan addemsifamu fi tajaajila qulqulina qabu laachutu irra eegama. Kara biraatiin ol'aantummaa seeraa kabajuu dhabuun, miira ittigafatamummaan tajajila laachu dhiisun akkasumas tajaajila iftaoomina qabu kennu dadhabuun akka hojimaata badaatti fudhatamuu kan danda'udha.

Hojimaatin badaan qaamolee haqaa keessatti mullachu danda'an heeddu tahan illee hojimaani badaan qamolee kannen keessatti mullatan keessaa hojimaani badaan gurgudoon waajjira abbootii alangaa fi manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti sadarkaa gara garaa irratti mullatan waltii qabaadhan yoo ilaallaman: hojimaata badaa

naamusa waliin walqabatan, hojimaata badaa qorannoo yakkaa keessati mullatan, hojimaata badaa qulqulina galmee waliin ka'an, hojimaata badaa murtii safisnaa keenuu waliin walqabatan, hojimaata bada raawwii irrati mullatan akkasumas hojimaata badaa ol-iyyannoo waliin ka'an jechuun addan qodanii ilaalun ni danda'ma. Haaluma kanaan wo'annaan kun hojimaata badaa qamolee haqaa keesumayyu waajiraalee Abbaa alangaa fi mannen murtii naannoo Oromiyaa keessatti mullatan irratti xiyyeeffachuudhaan hojimaata badaa adda addaa gama kanaan mullatan xinxaluudhaan yaada furmmataa dhiyeessudha.

1.2. Barbaachisummaa Qo'annichaa

Hojimaata gararii qaamolee haqaa kessatti diriissudhaan rakkolee kenninsa haqatiif danqaa tahuu danda'an addaan baasuudhaan gara fulduraatti dhimoota akka yaada furmaatati irratti xiyeffatamuu qaban mullisuun barbaachisaa dha. Hojimaata garii qamolee haqaa keessatti akka daagaagu gochuun immoo sirna dimokraasii gabbisuuf akkasumas olaantummaa seeraa kabachisuuf kan garigaaru dha. Kana malees, keenninsi tajaajila haqaa qamoolee haqaatiin laatamu ittigafatamummaa fi iftoomaan akkasumas ol'aantummaa seeraa haala mirkanessuun akka adeemsaifamu kan godhu dha.

1.3. Kaayyoo Qo'annichaa

Kaayyoon qo'annoo kana inni duraa hojimaata badaa qaamolee haqaa keessumaayyu waajjira abba alangaa fi mannen murtii naannoo Oromiya keessatti mullataan gadi fageenyaan qorachuudhaan yaada furmaata mullisuudha. Haaluma kanaan rakkolee keenninsa tajajila haqaa keessatti mullatan akkasumas wontoota keenninsa tajaajila haqaatiif danqaa tahuu danda'an maalfaa akka tahan balinaan ni qoratama. Keessumaayuu, qo'annichi dhimmotaa asii gadii irratti xiyyeffata.

- Bulchiinsa garii qamolee haqaa keessatti diririifamu qaban maal maalfaa akka tahan balinaan sakta'ani mullisu.
- Hojimaata badaa manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti mullatan gadiifagenyaan qorachun adda baasuu.
- Hojimaata badaa qoranna yakka irraatti waajira Abbaa alangaa fi poolisootaa keessaatti mullatan gadifaggenyaan sakata'u.

- Yaada furmaata hojimaata badaa qamolee qamolee haqaa keessatti mullatan hikkudhaaf fuhdatamu qaban laachuu.

1.4. Fayyadamtoota Qo'annoo

Fayyaddamootoni qo'annoo kana qaamolee adda addaa fi hawwasa guddaa yoo ta'aan adda dureedhaan, qaamoleen haqaa naannoo keenyaa ergamaa fi mul'ata hundeeffamaaniif galmaan ga'uu akkasumas amantaa hawwasaa horachuu keessatti qo'annoo kanaa irraa faayyadamtoota jalaqabaa ni ta'u. haaluma kanaan, manneen murtii, waajjiraaleen abbootii alangaa fi waajjiraaleen poolisii hunda caalaa gargaramaa ta'u. haaluma wal-fakkaatuun, abbootiin dhimmaa kenniinsa tajaajila haqaa fayyadamtoota qo'annichaa ni ta'u. akkuma waliigalaatti, hawaasni naannoo Oromiyaa qo'annoo kana irraa fayyadamtoota akka ta'an ni amanama.

1.5. Mala Qo'annoo

Bu'aan qo'annoo tokkoo amanamaa fi fudhatamaa akka ta'uf mala hammayyaa kan ta'an baay'inaa fi qulqullina qo'annoon ittiin safaramuu qabu hundaa fayyadamuun murteessaadha. Haalumaa kanaan, qo'annichaa adeemsisuuf maloon armaan gadiitti ibsaman kan fayadaman yeroo ta'u isaanis gaaffii barreefamaa, gaaffii qoomaa, marii garee, fi madaqiinsaa qaamaan ilaaluun.

Tooftawwan kun sadarkaa aanaa, godinaa fi naannootti hojiirraa ni oluu. Haaluma kanaan, odeefannoo fi ragoolee faayidaa qaban funaanuuf akka tooluutti godinaaleen jahaa filatamanii jiru. Sababni godinaaleen kun itti filataman haala qabatamaa sochiin hojii jiruuf komiin adda addaa jiruu irraa ka'amee yoo ta'u godinaalee kana jalattis aanooleen sadii sadii akka akkaakuutti filatamaniiru. Kana irraa ka'uun godinaaArsii (Aanaa Asallaa, Itayyaa, fi Boqoojii): godina Bahaa Harargee (Aanaa Haromayaa, Kombolchaa fi Dadar); godina K/L/Shawaa (Aanaa Walisoo, Sabataa, Qarsaanaa maalimaa): godina Bahaa Shawaa (aanaa Adaamaa, Matahaaraa, Dukaan) fi Godina Kabaa Shawaa (Aaanaa Dagaam, Chaanchoo fi Fiichee) filatamanii jiru.

Kanaaf, mala qo'annichii hojiirraa itti oluu danda'u akka armaan gadiitti tarreen dhiyataniiru.

1. Gaaffii barreefamaa 150 = Gaafii 3x aanaa 18 = 24

   " 10x godina 6 = 60

   " 16 sadarkaa naanootti = 16

2. Gaaffii qoomaa 156 = Gaaffii qoomaa 4 x aanaa 18 = 64

   " " 4 x Godina 6 = 24

   " " 12 x S/Naannootti = 12

3. Marrii garee 6 = Marree garee 1 x Godina 6 = 6

4. Madaqiinsa tokko = Ogeessoota haqaa 100 waliin

5. Doowiin qaamole haqaa aanaa, godinaa fi sadarkaa naannoo irrattis ni gaggeefamaa.

1.6. Daangaa Qo'annichaa

Qo'anna kana qamolee haqaa hunda irrattiyyuu geggeesuun kan itti amanamu yoo ta'e illee haala qabatama yeroo fi human namaa yeroo ammaa Instiitiyuuttichi qabu yaada keessa galfachuun qo'annoon kun hojimaata badaa wajjira haqaa fi manneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti mul'atan qofa irratti kan xiyyeefatu ta'a.

1.7. Qinda'ina Qo'annichaa

Dhuma irratti haala qinda'ina qo'annichaa yoo ilaalle, qo'annichi boqonna afru kan of keessaa qabaatu dha. Haaluma kanaan, boqonnaan tokko seensa, faaydaa, kayyoo fi mala qo'anichaa kan of keessatti qabaatu gumeen qo'annichaa ni jira. Boqonnaa lama keessatti ammoo, yaada walii gala hojmaata badaa jedhu haalan hubachuuf akka tolutti yaada

hojmaata gaarii jedhu waliin walbira muxxaannoo biyyoota adunyaa waliin wal bira qabnee kan ilaalluu ta'a. haaluma kanaan, yaada hojmaata badaa jedhu sonaan hubachuuf, hiika fi daanga (scope) isaa akkasumas, yaada kana guutu gochuuf sadarkaa addunyaa irratti safartuu guutamu qaban, barbaachisumma ykn faayidaa isaa boqonnaa kana keessatti kan ilaallu ta'a.

Boqonnaa sadaffaa qo'annichaa keessatti hojmaataa badaa wajjira haqaa fi manneen murtii nannoo Oromiyaa keessatti bal'inaan mul'atan kan ilaallu ta'a. dhuma irratti hojmaata badaa qamolee kanneen keessatti yeroo ammaa mul'atani addaan baasnee hubachudhaan boqonnaa shanaffaa keessatti guduunfaa fi yaada furmaataa laachuudhaan qo'annicha gulaalla.

BOQONNAA LAMA

2. Hojimaata Gaarii: Yaada Waliigalaa

Hojimaati gaariin tajaajila ummataaf qaama mootummaa kaminu laatamu keessatti ittigafatamummaa guutudhaan ol'aantummaa seeraa dhugoomsuu fi iftoomaan tajaajila qulqulina qabu laachu wajjiin yaada rime wal qabatu dha.[1] Bakka hojimaati gaariin buulchinsa gaariin deegarame hin jirretti tajaajiltoota ummataa miira ittigafatamummaan hojjetans haa ta'uu tajaajilamtoota tajaajila laatamutti gammadan argachuun rakkisaa dha. Kanaafuu, wajjira tajaajila laatamutti gammadan argachuun rakkisaa dha. Kanaafuu, wajjira tajaajila ummataaf laatu kamiyyuu keessatti tajaajila qulqulina qabu laachudhaan amantaa ummataa harachuun yoo barbaachise haal dureen jalqaba guutamuu qabu adeemsa hojimaati gaariin ittin mirkana'uu danda'u mijeessuu dha. [2]

Maalummaa fi dudhaalee hojimaata gaarii gadi fageenyaan hubachuuf akka tolutti qajeelfama seeraa dhimma kanaa wajjiin walqabatan ilaalun barbaachisaa dha.

Hojmaati gaariin mirkana'ee tajaajila qulqulina qabu laachuudhaan amanataa ummanni tajaajila wajjira qaama mootummaa kaminuu kennamu irratti qabu gabbisuuf seerri dudhaalee hojmaati gaariin ittiin mirkanaa'u hubachiisu seera bulchinsati. Bu'uura seeraa kanatiin tajaajilaan ummataaf tajaajila laatu kamiyyuu imaana faaydaa ummataaf isatti laatame fedhii fi haaja ummataa qofaaf oolchuuf dirqama seeraa qaba.[3] Kanaafuu, tajajilaan ummataa kamiyyuu imaana isatti laatame kana fedhii isaaf ykn fedhii nama sadaffaa eeguuf jecha ittifayyadamuu hin qabu. kaayyoon inni guddaan seera bulchiinsaas hojmaata badaa tajaajiltonni ummataa imaana isanitti laatame dahoo godhachuun rawwachuu yaalan dangessuu dha.

Haaluma kanaan, tajaajilaan ummataa tokko muudama ykn taytaa tajaajila ummataaf itti laatamu bifa hojmaata gaarii wajjiin wal fallessuun taytaa ykn muudama kana dantaa

[1] N. K. Jaykumar. 2005. Adminstrative Law. University of Kerla, 12

[2] Madda Lak. 1

[3] Madda Lak. Ful. 32

isaatiif ykn dantaa nama biraa eeguuf hallewwan ittifayyadamuu danda'u keessaa kannen Armaan Gadii Lammeen Hangafoota.[4]

1) Angoo Yookiin Imaanaa Tajajila Ummataaf Itti Laatame Haala Seera Qabeessaan Itti-Fayyadamuu Dhabuu (Ause Of Power)

Angoo ykn imaanaa tajaajila ummataaf itti laatame seeran fayyadamuu dhabuu jechuun tajaajilaan ummataa tokko daangaa seeraan isaaf laatame (scope of power) keessa utuu hin ba'iin angoo dhuma isatti laatamee kanatti fayyadamuudhaan faayidaa mataa isaaf ykn nama sadaffaaf jecha adeemsa ykn naamusa seeraan hin malle rawwachuu jechuu dha. Kanaafuu, namni tokko angoo isaaf laatame haala seera qabeessan itti hin fayyadamne jechudhaaf daangaa angoo isaaf laatame keessaa osoo hin ba'iin rawwii seera qabeessa akka rawwatuuf imaana ykn taytaa isatti laatame haala ykn adeemsa seera irraa maqeen rawwatee kan arame yoo ta'e dha.

2) Angoo Isaaf Laatme Ala Fayyadamuu (Ultra-Virus)

Hojmaata gaarii dhabamsiisuuf kanneen gumaacha keessaa inni kan biraan angoo seeraan laatamen ala (out of the scope of power) fayyadamuu dha. Kunis angoon ala raawwii rawwachuu jedhamuu danda'a.[5] bu'uura dudhaa kanaatin tajajilaan ummataa tokko daangaa angoo seeraan isaaf laatameen ala angoo isaaf seeraan laatameef dahoo godhachuun raawwii kaminuu rawwachuu hin danda'u. kun kan ta'u yoo ta'e ammoo hojmaati gaariin mirkana'uu hin danda'u. hojimaanni akkasiis angoo seeraan laatameen ala fayyadamuu jedhamuun beekama.

Akkuma armaan olitti caqasame kaayyoon seera bulchinsaa inni guddaan hojmaata gaarii dhugoomsudhaan tajajilaan ummataa kamiyyuu angoo ykn imaanaa isatti kenname haala seerri isarraa eeguun itti fayyadamuun tajajila loogi irraa bilisa ta'ee qulqullina qabu ummataaf laachu dha. Kana malees, yaaduma kanaan wal qabatee yaadnni hubatamuu qabu hojmaati gaariin mirkana'uun isaa mirgoota heera mootummoota adda addaa fi barulee addunyaa garaa garaa keessatti eeraman, fakkeenyaaf, wal-qixummaa dhala namaa, murtii haqaa qabeessa ta'e argachuu, ol'aantummaa seeraa fi kkf wabii ta'uu isaati. Kana jechuuns, bakka tajaajilan ummata tajajila loogi irraa qulqula'e laachuu hin

[4] H.W.R. Wade 1982 Adiminstarative Law 5th Edn, England, Ful 9

[5] Madda Lak. 4 Ful. 12

dandeenyetti ykn duchadhumatti bakka hojmaati gaariin hin dhugoomnetti mirgoota bu'uraa dhala nama beekamti argatan kanneen dhugoomsuun daran rakkisaa ta'a.

Akkuma waliigalatti, tajajila qulqulina qabu laachuun fedhii tajajilamtoota guutufis ta'e hojmaata gaarii dhugoomsuuf adda duraan kanneen armaan gadii guutamuu ykn jiraachuu qabu. [6]

- Angoo daangaa seeraan kawwame keessaa osoo hin bahin fayyadamu.
- Murtii laatamu kamifuyyuu sababa ga'aa fi amansiisaa ta'e irratti hunda'uu.
- Tajajila qulqulina qabuu fi ga'aa ta'e yeroo gababa keessatti tajajilamaaf laachuu.
- Iftooma qabaachuu.
- Hojetaa waliin hojjetaniifs ta'e tajjilamaaf ilaalcha gaarii qabachuu.
- Ol'anntummaa seeraa kabajuu.
- Ittigafatamummaa guutun raawwachu.

Dhudhaaleen armaan olitti tarreefaman kunniin halli ittifayadama isaanii iddoo dha iddootti garaa gara ta'uu yoo male iyyuu karaa tokkoons ta'e karaa biraa hojmaata gaari mirkanessuuf sirna seeraa (legal system) hundaa keessatti kan mul'atan ta'urra darbee bu'uura heera kan qabani dha.[7] Kana jechuuns, dudhaalee kanneen keessaa fakkeenyaaf dudhaan ol'aantummaa seeraa kabajuu, iftooma qabachuu fi miira ittigafatamummaa tajajiluu jedhan yaada bu'uura heera mootummaa kan ta'an kanneen akka walqixxummaa fi adeemsa seeraa qofaan rawwachuu (due process of the law) kan jedhamani waliin hariiroo cimaa qabu. kanaafuu, tajajilaan ummataa sadarkaa hundarra jiru dudhalee kanneen kabajuun tajjaajila loogi irraa qulqula'e ummataaf laachu irra darbee qajeelfamoota bu'uura heeraa kanneenif wabii ta'uu qaba.

[6] Solomon Aby 2002. Principles For Delivery Of Puplic Service, Unpuplished, Adis Ababa University. Ful 4

[7] Shura Bekera. Legal Analysis On Implementation Of Human Recourse Management Reform Program In Oromia. A New Asegnement Of Civil Servant. 2003. E.C.S.C, Faculty Of Law, Ful. 37

2.1. Hiikka fi Yaada Waliigala Hojimaata Badaa

Akkuma beekamu hikkaan yaada hojimaata badaa jedhuuf laatamu garaa gara. Fakkenyaaf barreesaan M.Booven jedhamu kitaaba isaa "Analyzing and assessing puplic accountability" jedhu keessatti yaada kana yeroo hiiku hojimaata badaa jechuun tajaajilaan ummataa tokko imaana isatti laatame amanamummaan faayidaa ummataaf itti gafatamummaa guutuun hojechuu dhabuu dha jedhee yeroo eeru barressaan Johoon Looki jedhamu ammoo hojmaata badaa jechuun olaantummaa seeraa kabajuu dhabuun tajajila iftooma hin qabne dahoo godhachuun faydaa dhunfaa ykn dantaa nama biraa eeguf jecha adeemsa seera irraa maqe rawwachuu dha jechuun eera.

Akkuma hikkaa armaan olitti yaada hojimaata badaa jechuuf laatame irraa hubachuun danda'amutti adeemsa tajajila ummataaf laachuuf deemanu keessatti hojimaati badaan karaa adda addaa ibsamu kan danda'u dha. Haa ta'uti garuu, barrullen adda addaa akka raggasisanitti toftaalee hojimaati badaan ittiin mul'achuu danda'an ykn kan ittiin beekaman keessaa ol'aantummaa seeraa kabajuu dhabuu, miira ittigafatamummaan tajajila laachu dhabuu fi tajaajila ummataaf ifa hin taane ummata tjajiluu kanneen jedhaman hangafoota dha.[8] Haaluma kanaan, kalattiiwwaan hojimaatini badaan ittiin mul'atan kanneen akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaalla.

2.1.1. Ol-aantummaa Seeraa Kabajuu Dhabu

Yaadni ol'aantummaa seeraa jedhu qajelfama seeraa hunduu irratti waliigalu yoo ta'u hikkaan isaaf kenamuu fi qabiyyeen isaa yeroo adda addaatti bektoota adda addaa biratti adda addaa. Kanaaf ammoo qaroomni addunyaa yeroodhaa gara yerootti babala'chaa jiru hikkaa yaada bu'uraa kana bal'isuuf gumaacha godheera. Fakkeenyaaf, jarraa qarooma Girkiif jalqaba ta'e irraa kaasnee hanga qarooma yeroo ammaa addunyaan irra jirtuu walin qabiyyee fi hikkaa yaada ol'aantummaa seeraa jedhuuf laatamu yoo ilaalle babal'inuma qaroomaa wajjiin kan tarkaanfachaa jiru dha.[9] Fakkeenyaaf beekan biyya Girk kan ta'e Aristootile yaada kanaaf hiika yeroo laatu ol'aantummaa seeraa jechuun dhimma kaminuu irratti kan nama bitu qabu ajaja fedhii geggeestootan yeroo adda addatti laatamu osoo hin

[8] Madda Lak. 4. Ful 98-99

[9] Rt. Lord Denning The Due Process Of Law, London, Butter Wort Ful. 23

taane seera dursee tumame ta'u qaba jechuudhaan gababumatti akka armaan gadiitti ibseera.

> *" citizens must not be subjected to arbitrary rules of rulers but to the rules enacted by the law making body" jechuun eera.*[10]

Hiikkaan yaada ol'aantummaa seeraaf armaan olitti laatame akkuma jirutti ta'ee qorooma jarraa ammaa wajjiin haala wal madaaluu danda'uun barreessaan tokko yaadicha bali'naan akka armaan gaditti ibsuu yaalera. [11]

- Ol'aantummaa seera jechuun rawwiin qaama kamnu rawwatu bu'ura seeran ol ka'ameen rawwachuu qaba jechuu dha. Haaluma kanaan, rawwiin nama dhuunfans haa ta'u qaama mootummaan rawwatu haala ykn adeemsa seera irraa maqeen kan raawwatu yoo ta'e raawwichi ol'aantummaa seera wajjiin kan wal-fallessu ta'a jechuu dha.

- Ol'aantummaa seeraa jechuun nama halli isaanii wal qixa ta'e wal qixa ilaalu kan wal qixa hin taane ammoo wal qixa akka hin taneetti (treating equals equally and unequals unequally) ilaalu jechuu dha. Yaadinni kun, qajeeffama bu'uraa heera mootummaa bayyee kan ta'e namni hunduu seera fuldurratti qal-qixa ilaalamu qaba yaada jedhuu waliin hariiroo kallattii kan qabu dha.

Akkuma waliigalatti, yaadni ol'antummaa seeraa jedhu qaarooma addunyaa waliin hariiroo kallatti waan qabuuf yeroo adda addaatti hiikkaa addaa addaa yoo qabaate illee duchadhumatti ol'aantummaa seeraa jechuun rawwiin qaama mootummaans ta'e nama dhuunfaan rawwatu bu'ura seeraa qofaan kan rawwatamu ta'ee namni kam iyyuu sala, taytaa, ilaalicha ummata keessatti qabu, amantii fi kkf yaada keessa utuu hin galfatiin seera fulduratti walqixa ta'uu jechuu dha.

Egaa ka'umsi keenya hariiroo hojimaata badaa fi ol'aantummaa seeraa hubachuu waan ta'eef yaaduma kana haa hordofsiifnu.

---

[10] Jhon Lock. The Capable Manager And Managing Power. Ful. 34

[11] Madda Lak. 4

Akkuma ibsa armaan olii irraa hubachuun danda'amutti namni kam iyyuu seera fulduratti wal qixa ilaalamuu fi hojmaati rawwatu hundi bifa seeraan dursee ol ka'ameen ta'uu qaba. Kanaafuu, adeemsi yaada bu'uraa ol'aantummaa seeraa kana irraa maqee rawwatamuu hundi hojmaata badaa dha jechuun ni danda'am. Kunis, fakkeenyaaf, akka bu'ura qajeelfama kanaatti tajajilli ummataaf laatamu bu'uura seeraa kan hin qabnee ykn loogi irratti kan hunda'u yoo ta'e ol'aantummaan seeraa kabajamera jechuun hin danda'amu. Adeemsa akkasiitti seera irraa maqe kun ammoo hojmaata badaa jedhamee mogafamu ni danda'a. akkuma waliigalatti, hojmaati badaan ol'aantummaa seeraa kabajuu dhabuun rawwataman bifa ramaan gadii sadaniin mulachuu danda'a. [12]

- Al-loogummaan dhibuu:- kana jechuun loogin hojjechuu jechuu dha. Tajajilli ummataaf laatamu walitti dhufeenyaan, wal beekumsaan, firoomanii fi akkuma waliigalatti dantaa ofii eegachuuf ykn dantaa nama sadaffaa eeguuf jecha tajajilamaa tokko isa kan birarra kan loogamuf taanan ol'aantummaan seeraa kabajameera jechuun hin danda'amu.

- Kan seeraan dursee hin tumamne akka ---- ol ka'ametti rawwachuu:- Fakkeenyaaf, gochaa seeraan yakka jedhamee hin moga'an yakka jechuun adabuu fi

- Adeemsa seeraan ol ka'ame dhisanii ajaja qaama addaatiin ykn fedhii qaama addaa sana eeguuf jecha adeemsa seera irraa maqeen rawwiirawwachuu.

2.1.2. Miira Ittifafatamummaan Hojjechuu Dhabuu

Akkaa bareessaa Booveen jedhamuutti yaadni itti gaafatamuummaa jedhu yeroo bayyee dirqama hojetaan tokko ulaagalee fi safartuuwwan qajeelfama qaama isa hoganuun dursee tumame kabajuuf qabu kan uli'isu yoo ta'e illee yaadni kun adda duraan kan ittigafatamumma naminni tokko keessattuu muudamaan ykn abbaan taaytaa tokko seeraaf akkasumas sammuu isaaf qabu kan mul'isu dha. [13]

[12] M. Boven 2006. Analyzing And Assessing Puplic Accountability. Ful. 12

[13] Madda Lak, 12. Ful. 31

Haaluma kanaan itti gafatamummaan ittigafatamummaa hojjetaan wajjira mootummaa tokko ummataaf, seeraaf akkasumas sammuu isaaf qabu jechuun bakka gurguddaa sadiitti qoodu ni dandeenya. [14]

Ittigafatamummaan seerra haala fi bu'ura seerri jedhuun hojjechuu yeroo ta'u ol'aantummaa seeraa kabajamuu waliin kan hariiroo kallattii qabu dha.[15] Ittigafatamummaan sammuu ittigafatamummaa namani tokko hojmaata gaarii hojjechuuf qabuu fi kabaja (respect) inni dudhaa ogummaa isaaf qabu kan mul'isu dha.[16] Haaluma kanaan, hojjetaan ykn tajajilaan ummataa tokko ittifafatamummaa seerri fi ogummaa isaatiin isarraa eegamu darbee ykn miira ittigafatamummaatiin taaytaa ykn dirqama isatti laatame raawwachuu dasdhabuun akka hojmaata badaatti kan ilaalamu dha.

2.1.3. Tajaajila Iftooma Hin Qabne Laachuu

Tajaajila iftooma qabu laachu jechuun adeemsa qaamni mootummaa ummataaf tajaajila laatu keessatti dhimma haajan ummataa ykn fedhiin ummata keessa jiru irratti murtee yeroo dabarsu bifa ummanni ykn tajajilamaan maalummaa fi adeemsa murtichi itti darbe beeku danda'u mijeessuu jechuu dha. Bifuma yaada kana deegaruun barreessaan tokko hiika yaada tajaajila iftooma qabu laachu jeedhuuf akka armaan gadiitti eere ilaaluun gaarii ta'a.

> *"Transparency is nothing but openness of the government to the puplic to make aware the latter about the intension to make decision on policy's or individuals matter and the reason there of"* [17]

Tarsimoon mootummadhaan saxaxamus ta'e tajajilli tarsiimota ykn qaje4elfamoota kana hojii irraa oolchaan bifa yaadameen galma ga'uufs ta'e qaamni mootummaa tajaajilichaa laatu amantaa ummataa qabaachu qaba. Barreessaan Ha Tinh jedhamu yaaduma armaan olii deegarudhaan tajaajila laatamu kamifuu amantaan ummataa hundaa ol barbaachisaa ta'u isaa yeroo eeru:

---

[14] Mark Tuner And David Hulme. 1997 Govermance, Adminstration And Development: Making State Work. New York. Ful. 124

[15] Madda Lak. 14. Ful. 130

[16] Madda Lak. 14. Ful. 132

[17] Madda Lak. 4

> *The policy of the paty is that the people know, the people discus, the people do but here people only implement the last part, wthich is the people do" jechuun ibsa.* [18]

Tajaajilli ummataaf qaama mootummaa kaminuu laatamu kun ammoo amantaa ummataa harachuu kan danda'u tajaajjilli laatamu kun ummataaf iftooma yoo qabaate qofa kanaafuu, qaamni mootummaa tokkoo amantaa ummataa harachuu kan fedhu yoo ta'e tajajjilli inni laatu hundi ummataaf ykn tajajilamtootaf ifa ta'uu qaba. Ummanni keessattuu tajajilamtonni mirga maalummaa, seera qabeesummaa fi adeemsa tajaajila isaaf kennamuu beekuuf qabu sirritti itti faydamuu qaba. Gama biraatiin, bu'ura qajeelfama kanaatiin qaamni mootummaa ummataf tajaajila laatu kamiyyuu adeemsa iftooma qabuun ummata tajajiluuf dirqama qabachuu qaba. [19]

Akkuma walii galaatti, dudhaa kana kabajuun faydaalee armaan gadiif gumaacha guddaa qaba.

- Biyya tokko keessatti daagagina diimokraasii dhugoomsuuf;
- Malaamaltummaani fi badii namusaa kan biraa to'achuuf;
- Hariiroo qaama mootummaa tajaajila laatu fi tajaajilamtoota gidduu jiraachuu qabu cimsuuf;
- Tajajilamtonni qaama tajaajila isaaniif laatu irratti amantaa akka qabatan gochuu fi kkf.

Egaa qaamni mootummaa tajaajila ummataaf laatu kamiyyuu dudhaa kana kabajuu dhabuun isaa matuma isaatiin hojmaata badaa ta'urra darbee hojimaati badaan kan biraa akka raawwatuuf kan karra banu dha.[20] Kana jechuun, qaamni tajjajila laatu kun iftoomaan hin hojjetu taanaan amanataa ummanni tajaajila isaa irratti qabaachu qabu kan dhabamsiisu waan ta'eef kaayyoon yaadame akka galma hin geenye kan godhu dha. Kana

[18] Refrming Puplic Institution And Strategthening Governance, Poverty Reduction And Economic Manegemetn Network: A World Bank Strategy. 2000. Washington. Ful 22

[19] Madda Lak. 18. Ful. 28

[20] Madda Lak. 19

malees, adeemsi hojii iftoomna qabu hin jiru taanaan ittigafatamummaan ummataa jiraachu waan hin dandeenyeef iftooman hojjechuu dhabuun hojmaata badaan kan biraan, fakkenyaaf, malaamaltummaan, akka rawwatamuuf carraa bana.

Kanaafuu, duuchaadhumatti qaamni tajaajila ummataaf laatu tokko dudhaa kana hin kabaju taanaan rawwiin kun matuma isaatiin hojmaata badaa ta'usarra darbeeiyyuu hojmaati badaan kan biraa akka rawwatuuf kan sababa ta'uu danda'uu dha jechuun ni danda'ama.

2.2. Hojimaata Badaa Federalawa Itoophiyaa

Kutaa darbe keessatti akkuma yaadatamu yaada waliigala hojmaata badaa seera bulchiinsaa waliin wal bira qabnee ilaallee jirra. Mata duree kana jalatti ammo hojmaata badaa qaamolee haqa keessatti rawwatan hambisuuf akkasumas, badiin kun rawwatee yoo argame tarkaanfii akkamii fudhatamuu akka qabu ilaalchisee heerri Federelawa Itoophiyaa hangam ilaalcha akka itti late kan ilaallu ta'a.

Akkuma kutaa darbe jalatti ibsuun yaalemetti yaadni bu'uraa hojmaata badaa jedhu bu'uura yaadaa bayye kan of keessatti hammatu yoo ta'e illee adda duraan miira ittigafatamummaan hojjechuu dhabuu, tajaajila iftooma hin qabne laachuu fi ol'aantummaa seeraa kabajuu dhabuu kan jedhaman kan of keessatti qabatu dha.[21] Kanaafuu, dhimmoota kunniin ykn hojmaata badaa qaama mootummaa tajaajila ummataaf laatu keessatti dhimoota kanaan wal-qabatanii mul'atan hambisuuf akkasumas rawwatamanii yoo argaman tarkaanfii sirreessaa fudhachuuf akka tolutti sirni seeraa Itoophiyaa heera mootummaa dabalatee seerota heericha hordofanii bahan adda addaa keessatti haalan saxaxameera.

Haaluma kanaan, yaada ol'aantummaa seeraa kabajuu jedhu irraa yoo eegalle tajaajilaan ummataas ta'e namni kamiyyuu ol'aantummaa seeraa kabajuuf dirqama qabaachuun yaada bu'ura heerati. Akkuma kutaa darbe keessatti hubachuu yalletti ol'aantummaa seeraa kabajuu jechuun haala seerri jedhu qofaan rawwachuu, seera fulduratti hunduu walqixa ta'u fi tajaajilamaa kamifuu loogi tokko malee tajajila qulqula'a laachu yaada

[21] Madda lak……. ilaala

jedhu kan of keessatti qabatu yeroo ta'u yaadni kun ammoo bu'uura heera qabachuu isaa hubachuuf seensa heerichaa fi kutaa heerichaa kewwata 9 ilaalun ga'a ta'a.

Akkuma seensa heerichaa irraa hubachuun danda'amutti kaayyoon heerichaa inni guddaan mirgaa fi bilisummaa dhala namaa akkasumas guddina dinagdee fi siyaasa biyyatti bifa seera qabeessa ta'een mirkaneessuu dha. Kana galmaan ga'uuf ammoo lammiin biyyatii fi qaamni dhimmi isaa ilaalatu kamiyyuu ol'aantummaa seeraa kabajuuf dirqama heeraa qaba. Haaluma kanaan, seerri qaama kaminuu tumamu, hojiin muuxxannoodhaan argame ykn murteen qaama mootummaa ykn Abbaa taayitaa kamiyyuu heeran kan wal-fallessu yoo ta'e rawwatama kan hin qabaanne ta'u isaa heerichi itti dabalee ibsa. [22]

Kana malees, bu'ura heerichaa kewwata 9 (2)n jiraatan biyyatii kamiyyuu, qaamonni mootummaa, dhabbatonni siyaasa fi waldonni kan biraa heericha kabajuu fi kabachisuuf dirqama qabu. kanaafuu, yaadni ol'aantummaa seeraa kabajuu jedhu yaada bu'uura heeraa ta'urra darbee dirqama heera irraa madde waan ta'eef bu'ura heera kana kabajuun ammoo dirqama hundatti.

Gama biraatiin, tajajila iftooma qabu laachuun wal-qabsiifnee saxaxama heera keenyaa yoo ilaalle hojiin qaama mootummaa kaminuu rawwatamu haala iftooma qabuun rawwachuu akka qabu heeri mootummaa federalawa Itoophiyaa haala ifa ta'een tumee jira.[23] Bu'uura kewwata kanaatiin hojiin mootummaa kamiyyuu haala ummataaf ifa ta'een rawwatamuu qaba. Yaada keewwata kanaa bifa yaadameen galmaan ga'uufs heerumitti kun qabiyyeen odeefanuchaa faaydaa fi nageenya ummataaf jecha odeefannuchi akka icitiitti qabamuu kan malu dha jedhamee kan itti amanamamu yoo ta'e malee namni kamiyyuu odeefannoowwan barbaade faayidaa dhuunfaafs haa ta'u faaydaa ummataaf haala barbaadeen argachuuf mirga akka qabu dubbata.[24] Kanaafuu, qaamni mootummaa tajaajila ummataaf laatu kamiyyuu haala iftooma qabuun tajaajiluun yaada bu'uura heericha ta'uu isaa keewwata kana irraa hubachuun ni danda'ama.

[22] Heera Mootummaa Federalawa Itoophiyaa, Neegart Gazexaa lak. 1/1995, kewt 9(1)

[23] Madda lak. 22. Kewt 12(1)

[24] Madda Lak. 22, Kewt 29(2) Fi (6)

Dhumarratti hojimaaa badaa hir'isuuf gumaacha ol'aanaa kan qabu yaada heerummaa miira ittigafatamummaatiin hojjechuu jedhu yoo ilaalle ittifafatamummaan akkuma haala isaatti ittifafatamummaa ummataa, ittifafatamummaa seeraa ykn ittifafatamummaa namni tokko summuu isaaf qabu ta'uu danda'a.

Heerummaa gosoota ittigafatamummaa kana iluuf ittigafatamummaa qaamni mootummaa ummata tajajilu tokko hawwaasichaaf qabu irraa yoo eegalle, bu'ura heerichaa kewwata 12n ittigafatamaan ykn abbaan taytaa hojii kamiyyuu ykn filatamaan ummata kamiyyuu ittigafatamummaa ummataa qabaachuuf dirqma heera qaba. Qajeelfama keewwata kanaatiin ittigafatamummaan gosa hojii kamiyyuus ta'e tajajilaan ummataa kamiyyuu ittigafatamummaa ummataa ni qaba. Kanaafuu, gosi ittigafatamummaa kun bu'uura heeraa kan qabu dha jechuun ni danda'ama.

Gama biraatiin ittigafatamummaa seeraa qaamni mootummaa qabu yoo ilaalle kewwata dhumaa seensa heerichaa irraa akkuma hubachuun danda'amutti qaamni mootummaas ta'e filatamtonni ummataa yaada bu'uura heericha keessatti hamataman hundaaf ittigafatamummaa seera qabu. kana malees, gosi ittigafatamummaa sammuu akka qajeelfama walii galatti hoetoota mootummaa hunda irratti fi muudamtoota akkasumas filatamtoota ummataa irratti kan rawwii argatu yoo ta'e illee, bu'uura heerichaan gosti ittigafatamummaa akkasii kun adda duraan bakka bu'oota ummataa irratti kan raawwii qabatu dha. Herichaans ittigafamtamummaa akkasii ifatti kan qaban bakka bu'oota ummataa kana dha.[25]

Akkuma walii galatti, heerri mootummaa Federalawa Itophiyaa hojmaata badaan qaama mootummaa kamiinu keessatti akka hin rawwnneef adda duraan gama ittigafatamummaa tajajittoota ummataa mirkaneessutiin hojii iftooma qabu rawwachuu fi hundaa ol ol'aantummaa seeraa kabachisuun barbaachisaa ta'u isaa amanee dhimoota kanaan wal qabsiisee yaada bu'uura heera haala armaan olitti ibsameen ol ka'ee jira.

Haata'uti garuu, bu'uura heeraa kanaan qaamni mootummaa ummata tajajilu kami iyyuu ol'aantummaa seeraa gidu galeessa godhachuun tajaajila iftooma fi miira itti gafatamummaan raawwatamu laachuuf dirqama qabaachuun isaa qofti ga'aa miti. qamni

[25] Madda Lak. 22, Kewt. 54(4)

ummata tajaajilu kun dirqama heera kana kabajuu dhabuun hojmaati badaan rawwatee yoo argame tarkanfiin fudhatamuu qabu maalii? Bu'ura seeraa kamiins tarkanfiinfudhatama? Gaffiin jedhu yaada deebii argachuu malu dha.

Akkuma armaan olitti ibsame tajajila hojmaata badaa irraa qulqula'e laachuun yaada bu'uura heeratti. Haaluma kanaan, akkuma armaan dura eerame jiraatan nannichaa, qaamonni mootummaa, dhabbatonni siyaasa fi waldoonni biraa kamiyyuu heericha kabajuu fi kabachisuuf dirqama qabu. kanaafu, dirqama heera hojmaata badaa kana hambisuuf kewwatoota heeraan tumaman kana gara hojitti jijjiruu fi kabajuun dirqama qaamni ilaalatu hundatti. Haa ta'uyyuu malee, dirqama kana ba'uu dhabuun ittigafatamummaa seerota kaan keessatti dhimma kanaan wal-qabatanii tumamaniif nama saaxila.

Haaluma kanaan, dirqama kana ba'uu dhabuun wajjira mootummaa kaminuu keessatti hojmaata badaa rawwachuun itti gafatamummaa yakkaa fi/ykn itti gafatamummaa hariiroo hordofsiisuu dhada'a.

Dhimma ittigafatamummaa yakkaa irraa yoo eegalle, wajjira ummataa keessatti hojmaata bada seeraan dhorkame ykn amala (rawwii) ogummaa ofii irraa hin eegamne rawwatamanii argamuun yakka.[26] Fakkeenyaaf, seera yakka kewwata 407,408-411 yoo ilaalle malamaltummaa rawwachuu, angoon seeran ala fayyadamuu fi baulchiinsi badaan (mal administration) yakka ta'uun isanii ibsamuu irra darbee adabbiin isaanii ifatti tumameera. Kanaafuu, akkuma seera yakkaa kana irraa hubachuu danda'amutti hojmaati badan wajjira mootummaa keesatti rawwatamuu kamiyyuu haala fi gosa rawwii isaa irratti hunda'uun adabbii mataa isaatii hordofsiisuu danda'a jechuu dha.

Gama ittigafatamummaa hariirootiin dhimma hojimaata badaa wajjira ummataa keessatti raawwatamu ilaalchisee seerri walii galateen alaa (tort law) rawwii argachuu danda'a. bu'uruma yaada kanatiin seera hariiroo hawwasaa kewwata 2032,2033,2035,2126, fi 2128 yoo ilaalle hojjetaan wajjira mootummaa dorgorgora ykn hojmaataa badaa rawwateef ittigafatamummaa seera hariiroo hawwasaa ni qabata.

[26] Seera Yakkaa Mootummaa Federalawa Itophiyaa. Negarii Gazexaa, Lak. 414/2004, Kewt 407 Fi Isaa Gadi Kan Jiru.

2.3. Hojmaata Badaa fi Qaamolee Haqaa

Sirna dimokraasii tokko keessatti ol aantummaa seeraa dhugomsuudhaan murtii haqaa qabeesa ta'e laachuuf hundaa caalaa imaana kan fudhatu qaamolee haqaati.[27] Kanaaf qaamani kun qaamolee mootummaa kan biroo caala ijaars dimokraasiifs ta'e ol'aantummaa seeraa dhugoomsuuf imaana qaama qabu waan ta'eef hojmaata badaa irraa tajaajila qulqula'etu irraaeegama. Hundaa ol qaamni mootummaa kun tajaajila mirgoota dhala namaa sadarkaa adduknyaa irratti fudhatam argatan wajjin haariiroo kallattii qabu ummataaf waan laatuuf gama hundaanuu ittigafatamummaa guddaatu irraa eegama.[28] Lamaan kana bifa yaadameen galmaan ga'uuf ammoo hojmaata badaa keessatu loogi fi antummaa irraa qulqula'e laachuuf ni dirqama.

Akkuma yaadatamu kutaa darbe keessatti yaadni hojmaata badaa jedhu yaada rime hedduu kan of keessatti qabatu yoo ta'e illee bu'uura yaada ol aantummaa seeraa jedhutti amanuu fi kabajuu dhabuu, miira ittigafatamummaan hojjechuu dhabuu fi tajaajila iftooma hin qabne laachuu kan jedhaman adda duraan kan caqasamani dha. Haaluma kanaan, mata duree kana jalatti hojmaata badaa adda duraan caqasaman kanaan wal qabsifnee haala isaan qaamolee haqaa keessatti mudhachuu danda'anii fi keessattu miidha hojmaati badaan kun mirga dhala nama fi murtii haqaa qabeesa dhabamsiisuu irratti gumaachu ilaalla. Kanaafuu, hojmaata badaa ol'aantummaa seeraa kabajuu dhabuu jedhu irra haa eegallu.

2.3.1. Ol'aantummaa Seeraa Kabajuu Dhabuu

Adeemsa sirna Federalizimi keessatti qaamoleen haqaa heera mootummaa ummataan mirkana'e fi seerota bakka bu'ota ummataan bahan haqaan hiikuun ykn hojiirra oolchuun ijaarsa sirnichaaf dhimma murteessaa ta'urra darbee ol'aantummaa seeraa biyya tokko

[27] Hirmaatonni Qaamolee Haqaa Kan Biraan Yoo Jiraata Illee Adda Duran Mana Murtii, Qajjira Haqaa Fi Mana Sirreessaa Kan Of Keessatti Qabatu Dha.

[28] Aharan Barak. Justice In Democracy Priception University, Ful. 122

keessatti dhugoomsuuf shoora ol'aanaa qaba.[29] Ol'aantummaa seeraa kana dhugoomsuun gahee nama dhuunfaa fi dirqama qaama mootummaa kamiyyuu yoo ta'e illee imaanaa gama kanaan qaamolee haqaa irrati gatame ol'aana dha. Kanaafuu, adeemsa fi taattaffii ol'aantummaa seeraa kabajuu fi kabachisuu keessatti shoorri qaamoleen haqaa qaban addaa duraan kan caqasamu dha.

Ol'aantummaa seeraa kabajuu jechuun adeemsa ykn bu'ura yaada seeraa irraa osoo hin maqiin seeraa fi seera bifa walqixummaa dhala namaa giddugaleessa godhateen dhugoomsuu jedhuu dha.[30] Haaluma kanaan, ol'aantummaa seeraa dhugoomsuuf halii dureen jalqaba irratti ilaalamuu qabu tajajjili loogi irra bilisa ta'e jiraachuu fi jiraachuu dhabuu mirkaneessuu dha.[31] Sababiin isaa, tajaajillii qaamolee haqaa kanaan loogii firummaa, walittidhufeenya, wal beekumsaa fi kkf irratti hunda'een yoo ta'e carraan seeraan hojjechuu waan dhiphatuuf ol'aantummaa seeraa dhugomsuun tasa hin danda'amu. Adeemsi tajajila qaamolee haqaa loogi irratti hunda'e kana laachuun ammoo raawwii hojmaata baddaa yaada rime ol'aantummaa seeraa dhugoomsuu jedhuun wal fallessu dha.

Egaa tajajilli qaamolee haqaa kanaan ummataaf laatamu qulqulina kana qabuu fi haala loogi irra bilisa ta'een yoo hin taane fudhatame qaamoleen kun ummata biratti qabaachuu qaban dhabamsiisuu irra darbee yaadi rime ol'antummaa seera kabajuu jedhuu wajjiin kan wal falleessu ta'a kana malees, ol'aantummaan seeraa sababa hojmaata bada adda addaa irraa kan ka'e kan dhabamu yoo ta'e adeemsa sirna fi bu'aa inni argamsiisuu qabu irratti miidhaa guddaa kan geessisu ta'uun isaa kan wal nama gaafachiisu miti.

Qaamoleen haqaa ol'aantummaa seeraa kabajuun rawwii qajeelfama kanaan wal simu hin rawwatan tanaan miidhaa isaan hordofsiisuu danda'an keessaa mirgoota dhalaa namaa heeraan gonafsiisuu danda'an keessaa mirgoota dhala nama heeraan gonfataman dharokachuu fi murtii haqaa qabeessa ta'e dhabamsiisuu kanneen jedhaman adda duraan caqasamu.

---

[29] Girma Amare. 1973. The Principle Of Scparation Of Power. Its Theory And Practice In Ethiopia. Kan Hin Maxanfame, Unversitii Finfinnee. Ful 4

[30] Madda Lak. 9

[31] Madda Lak. 30

Akkuma beekamu konveenshinonni fi waliigaltteen addunyaa adda addaa mirga dhala nama sadarkaa addunyaas irratti akka kabajamuuf carraqii adda addaa yeroo godhan mul'tu. Mootummoonni addunyaa adda addaas miirgoota dhala nama sadarkaa addunyaa irratti beekamtii argatan kanneeniif beekamtii laatanii heerota isaanii keessatti ol ka'anii aramu. Biyyoota kanneen keessati mirgoota heera hamataman kanneen kabajunii fi kabachisuun dirqama nama dhuunfaa fi qaamolee mootummaa kamiyyuu yoo ta'e illee qamoleen haqaa gama kanaan shoora guddaa qabu. haata'uyyuu malee, hojmaati badaan qaamolee haqaa kanneen keessatti kan babal'atu yoo ta'e mirgonni dhala nama kunniin keessattu mirgonni himatamaa/shakkamaa himataa fi yakkamaa rakkoo guddaaf kan saaxila bahu ta'a. sababiin isaa hojmaati badaan, fakkeenyaaf, ol'aantummaa seera kabajuun fi miira ittigfafatamummaan hojjechuu dhabuun qaamolee haqaa keessatti kan babal'ate yoo ta'e qaamni mootummaa kun dirqama mirga dhala nama kana ni ega jechuun tasumaa kan hin danda'amane dha. Fakkeenyaaf, gama ol'aantummaa seeraa kabajuutin yoo ilaalle akkuma kutaa darbee keessatti caqasuun yaalame qajeelfamni kun adeemsaa seeran dursee ol ka'ameen hojjechuu fi tajaajila loogi irraa bilisa ta'e laachu wajjiin kan hariiroo kallatti qabu dha. Kanaafuu, qaamoolee haqaa keessatti qajeelfamni kun hin dhugoomu taanaan mirgoota dhala namaa sadarkaa addunyatti beekamtii argatanii kanneen dhibuuf shoora guddaa kan qabu ta'a. sababiin isaas ol'aantummaan seera hin kabajamu tanaan hojmaati qamolee haqaa keessatti rawwatamu seera dursa ol ka'ame giddu galeessa godhatee osoo hin taane faydaa dhuunfa ykn fayadaa nama sadaffaa haala eegu danda'uun waan ta'eef miidhaan adeemsi/hojmaati loogi irratti hunda'e kun mirgoota dhala nama irratti gessisuu danda'u guddaa ta'a. gama biraatiin, sababa hojmaata badaa adda addaa loogii irratti hunda'een ol'aantummaan seeraa hin kabajamu yoo ta'e murtiin haqa qabeessa ta'e akka hin laatamneef sababa guddaa ta'a. sababiin isaa, rawwiin rawwtamu adeemsa seeraan ol ka'amee irratti hundaa'uun waan hin taaneef faayidaa ofii ykn nama sadaffaa eeruuf jecha seera irraa maquun waan mul'atuuf murtiin ykn tarkaanfiin haqa qabeessa ta'e jiraachuuf carraan isaa gadi aanaa ta'a.

2.3.2. Ifoomaa fi Miira Itti Gafatamummaan Hojjechuu Dhabuu

Qamolee haqaa kaminuu keessatti yaadni itti gafatamummaan hojjechuu fi tajajila iftoomina qabu laachuu jedhu yaada addaan bafamee ilaalamu miti. sababiin isaas qaamni haqaa kamiiyyuu biyya sirna dimokrasii geggeessu kaminuu keessatti itti gafatamummaa gutudhaan tajajila isarraa eegamu gumachee amataa ummataa horachuu kan danda'u tajajila iftooma qabu bifa qalqulina qabuun yoo late qofa.[32] Kana jechuuns, itti gafatamummaa qamolee haqaa gudisuu ykn mirkaneesudhaaf tooftalee nu gargaran keessaa inni tokko tajajila iftooma qabu ummataaf laachuu dha.

Bakka itti gafatamummaan qamolee haqaa adeemsa tajajila iftooma qabu laachuun hin gabannetti amantaa ummanni qamolee haqaa kanneen irratti qaban eeguun hin dana'amu.[33] Tajajilli qamolee haqaan ummataaf laatamu iftoomina hin qabu tanaan amantaa ummanni qamolee kanneen irratti qabachuu malu dhabamsiisuuf gumaacha guddaa qabaata. Hojimaati badaan akkasii kun ammoo darbeedhaan yaada rime miira itti gafatamummaan ummata tajajiluu jedhu irratti miidhaa mataa isaatii hordofsiisa. Kanafuu, hojimaata badaa adda addaaf dahoo gochuudhaaf jecha tajajila iftooma hin qabne ummataaf laachuun itti gafatamummaa qamoleen haqaa kuniin qabachuu qaban hambisuura darbee amantaa ummatini qamolee kanneen irratti qabachuu qaban dhabamsiisuuf shoora ol'aanaa qaba jechuu dha.

Biyya dimokirasii gaggeessu kaminuu keessatti jireenyis ta'e fudhatamummaan qamolee haqaa kan mirkana'uu danda'u heera mootummatiin akka qaama mootummaa tokkootti ijaramuu ykn hundeefamuu qofaan osoo hin taane amantaa ummataa biratti horates qabaachuu qaba.

Qamoleen haqaa kun amantaa ummataa ni qaba tanaan akkataa jireenya fi fudhatamummaa isaa mirkaneessuun hawwasichi tajajila inni kennutti haala bu'a qabeessa ta'een fayyadamuu fi ajaja qaamolee kana irra darbu kabajuu irra darbee ergama qamoleen kuniniin hundeefananiif bifa yaadameen akka galam ga'uuf ummatichi shoora isaa ni gumaacha. Haa ta'uti, haala adeemsa kanaan falla ta'een qaamoleen haqaa ummata birratti

[32] Ministry Of Capacity Building. 2005. Comprehensive Justice System Reform Progam, Basiline Study Report. Ful. 162

[33] Madda Lak. 30 Ful. 163

amantaa horate hin qabu tanaan ergame isaa bifa gaadameen galmaan ga'uu ddadhabuu irradarbee hawwasichi tajajila qamolee kanneeniin kennamu irraa fayyadamoofs ta'e ajaja ykn murtii qamolee kanaan darbuuf ummanni bitamuuf eyyama dhabuu waan danda'uuf adeemsa ffallaa seeraa deemuuf haalli isaa kakaasu umamuu danda'a.

Wantoota qaamoleen haqaa kun amataa ummataa sadarkaa barbaadamun akka hin horannef sababa ta'an ammoo hojimaata badaa adeemsa ummataaf iftoomina hin qabnetti fayyadamuu fi miira itti gafatamummaan hojjechuu dhabuu dha.[34]

Akkuma beekamu, ittigafatamummaan qamolee haqaa kanneen irratti gatame daran ol'aana dha. Sababiin isaas, tajaajilli qamoleen kun guyyaadha gauyyaatti kennan dantaalee gurguddoo ummatichaa waliin kan wal-qabatu waan ta'eefi. Qamoleen haqaa kunniin keessattu wajjirri mana murtii tajajila mirga lammii kaminuu tuquu danda'u wajjira laatu dha. Hundaa ol angoo qaamni mootummaa kamiyyuu hin qaabatine angoo murtiidhaan akka ajafamu gaafachuu fi murtii kan dabarsuu ni qabata. Kanaafuu, tajajilli qaamolee haqaa kanneenin kennamu jireenya, faayidaa, dantaa fi mirga hawwasichaa irratti kan murtessu waan ta'eef ummatini tajajilli kun haala iftooma qabuu fi miira itti gafatamummaan akka laatamuf fedha.

Waan ta'eefis, qaamoleen haqaa kun bu'a qabeessa ta'aniin sadarkaa barbamuun amtaa ummataa horachuu akka danda'uuf miira itti gafatamummaan tajaajila iftooma qabu laachuun hundaa caala murteessa dha.

Haaluma kanaan, akkuma muxannoobiyyoota adda addaa irraa hubachuun danda'amu hundaa ol tajajila iftooma qabu kana laalchuun qamoleen haqaa amantaa ummata akka horatan taasisuuf adeemsa ykn haala qaamolee haqaa kanneen tajajila iftooma qabu miira itti gafatamummaan laachuun itti danda'amu mijeessuu dha.[35]

Egaa qmoleen haqaa itti gafatamummaa guddaa isaan irratti gatame bifa qulqulina qabuun tajajila iftooma qabu itti gaftamummaa guutun hin laatan tanaan amantaa ummataa jireenyuma isaatifu murteessaa kana argachuu hin danda'u. kanaafuu, ummati qamolee

[34] Madda Lak. 7

[35] Fakkeenyaaf, Tajajila Mana Murtii Haala Iftooma Qabuun Geggeessuuf Dhaddachi Hundaumaaf Bana Ta'e Geggessu Fi Galamee Murtii Argate Ummataaf Bana Gochuun Kan Caqasamani Dha.

haqaa kam irrayyuu itti gafatamummaa cimaa fi tajajila iftooma qabu argachuu fedha. Bakka kun hin jirretti garuu qamolee haqaa amantaa umaataa qabu ykn horate eeguun tasumaa kan hin jirretti garuu qamolee haqaa amantaa umaataa qabu ykn horate eeguun tasumaa kan yaadanu miti. kanaafuu, hojmaati badaan tajajila qamolee haqaa kamnuu keessa yoo hin bane qamoleen kumniin tajijila ummata gamachisu laachuun ergama isaa bifa yaadameen galmaan ga'uu hin ta'u.

BOQONNAA SADII

3. Hojimaata Badaa Manneen Murtii Fi Wajjira Abbaa Alangaa Naannoo Oromiyaa

3.1. Hojimaata Badaa Naamusa Waliin Wal Qabatan

3.1.1. Naamusa Abbaa Seerumaa

Biyya sirni dimokraasii dagaage keessatti hojiin Abbaa seerummaa adeemsa isaa keessatti ergama manni murtii qabu bifa yaadameen galmaan ga'uuf qaamni Abbaa seerummaa tokko akka qaama mootummaa tokkoottii heera mootummaatiin beekamtii argachuun isaa qofti ga'a miti. kana jechuun, qaamni Abbaa seerummaa heeraan beekamtii argachuu irra darbee qaama amantaa ummataa horate ta'uu qaba. Sababiin isaas, qaamni Abbaa seerummaa kun amantaa ummataa kan qabu yoo ta'e hawwasichi tajaajila qaama kana irraa bifa bu'a qabeessa ta'een fayyadamaa ta'urra darbee murtii fi ajaja qaama kanarraa isa qaqabuufs deebi ga'a ta'e ni laata. Adeemsi fi hojimanni ilaalicha ummataa gidu galeessa godhate bakka hin jirretti garuu bu'a qabeesummaan qaama Abbaa seerummaa haa turutii qaama mootummaa ta'ee jiraachu isaatu yaadun rakkisaa ta'a.

Amantaa ummanni qaama Abbaa seerummaa irratti qabu kana cimsuuf ammoo kanneen gumaacha keessa hangafa. Hojiin Abbaa seerummaa qabeenya, jireenya fi mirga dhala namaa irratti murtii laachuun kan wal-qabatu waan ta'eef ogummaa kaminuu caala ogummaa naamusa garii barbau dha. Kanaafuu, qaamni Abbaa seerummaa bu'a qabeessa ta'ee amantaa ummataa kan horate akka ta'uuf hal-dureen ogummaa sanaf barbaachisu dursanii harachuu dha. Bakka kun hin jirretti garuu hojiin Abbaa seerummaa hojimaata badaa adda addaaf kan saxilamu waan ta'eef dhugummaan haqaa dhugomsuun daran rakkisaa ta'uu danda'a.

Odeefannoowwanii fi ragaawwan ragummaa qaban irraa hubachuun akka danda'amutti hojiin Abbaa seerummaa bifa yaadameen akka galma hin geenyeef hojmaata badaan akka rakkoo guddaatii yeroo ammaa manneen murtii keessatti mudachaa jiru rakkoo namusa abbooti seeraa waliin wal qabatanii mul'atanii dha. Dhimma naamusa Abbaa seerummaan wal qabatee hojmaata badaa armaan dura mula'achaa ture hambisuuf tattaffiin godhamaa

jiru kan abdachiisu yoo ta'e illee, dhimma kanaan wal qabatee sadarkaa manneen murtii hundaa irrattu hojmaati badaan mula'achaa jiru yeroo ammaas rakkoo hudaa ta'e dha.

Akkuma waliigalaatti, dudhaaleen namusaa hin kabajamiin hafan warra kamii kan jedhu kan walumaan ilaalu qabnu ta'ee, gochawwanii fi hojmaata badaa abbootin seeraa namusaan wal qabatee yeroo ammaa rawwatan keessaa kanneen armaan gadii hangafoota.[36]

3.1.1.1. Bilisummaa Guutudhaan Murtii Murteessuu Dhabuu

Haala bu'ura danbii namusa Abbaa seerumaa lak. 1/1995tiin abbaan seeraa hojii Abbaa seerummaa yeroo rawwatu bilisummaa guutudhaan ta'u qaba.[37] Haa ta'uti, akka gaaffii afanii abbootii alangaa nanniichaa wajjiin geeggefame irraa hubachuun danda'ametti yeroo ammaa dhimma bilisummaan murtii haqaa qabeessa murtessuu ilaalichisee hojimati badaan mula'atan hedduu yoo ta'an illee kanneen armaan gadii muraasa isaaniiti.[38]

A. Dhiibbaa, haccuccaa fi gidduu lixummaa hogantoota manneen murtii irraa bilisa ta'uu dhabuu:- Abbootiin seeraa baayyeen seeraa fi seera qofa irratti hunda'uun murtii haqaa qabeessa murteessuu osoo qabanii ajaja pireezidantii isaanii irraa isaan qaqabu fudhachuun fedhii hogonaa kanaa eeguu qofaaf jecha haqa yeroo dabsan ni mul'atu. Kanaafuu, hojmaati badaan gama kanaan mula'atu abbaan seeraa sun bilisummaa guutuun hojii Abbaa seerummaa akka hojetuuf mirgaa dambii namusaan gonfate mulquu qofa osoo hin taane pireezidantonni manneen murtii abbaan seeraa dhibbaa fi hacucucaa tokko malee bilisummaa guutun murtii haqaa qabeessa laachu akka qabu osoo beekamu mirga Abbaa seeraa akan sarbuu isaaniti.

B. Abbootiin seeraa hojii Abbaa seerummaa yeroo geggessan dhiibbaa abbooti dhimmaa irraa bilisa ta'uu dhabuu:- Abbootiin seeraa hojii Abbaa seerummaa yeroo hojjetan abbooti alangaa fi abukaatota dhuunfaa dabalatee yaada abbooti

[36] Cuunfaa Gaffii Afaanii Fi Gaaffii Barreefama Abbootii Seeraa Fi Abbootii Alangaa Nanuchaa Irraa Argame

[37] Mana Murtii Walii Gala Oromiyaa, Danbii Namusaa Abbootii Seeraa Kan Foyya'ee Bahe, Magalata Oromiyaa, Labsii Lak. 1/95, Kewt. 26

[38] (Maqaan Icitii, Fakkenyaaf, Abbootii Alangaa, Qajeelchaa Haqaa Harargee Bahaan, Arsii Asallaa Fi Illu Abba Boora.

dhimmaa irraa bilisa ta'un hojjechuu dhabuun hojmata badaa naamusa Abbaa seerummaa kanaan wal-qabate mul'atu keessa isa kan biraati. Keessattuu dhimma yakkaan wal qabatee abbootiin seera tokko tokko abbooti alangaa waliin atoomudhaan dhimma tokko irratti ragaa quubsaan utuma jiruu adabbii gadii buusanii adabuu fi bilisa baasutu mula'ata. Bifuma wal fakkaatun abbooti seeraa firumman, hiriyummaan akkasummas abbooti dhimmaa waliin hariiroo hin taane uumudhaanii, fi kkfniin murtii seera irraa maqe yeroo murteessuun darbee darbee ni mula'ata.

Yaadnni armaan olitti eerame akkuma jirutti ta'ee abbootin seeraa qajeelfama bilisummaa Abbaa seerummaa jedhu kana haala hin taaneen hubachuudhaan hojmaata badaa rawwatan hundaaf dahoo godhachuun yeroo itti fayyadamaniis ni jira. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa bilisummaa seeraan gonfate waan qabuuf waan barbaade akka barbaadetti rawwachuu danda'a jechuun rawwii seeraa irraa maqe rawwatu. Kunis, fakkeenyaaf, sa'a hojii kabajuu dhabuu, dhaddachaa irratti abbaan seeraa hundaa ol haala ta'eenn of mul'isuu, ragaa fi abbooti dhimmaa arabsuu, sodachisuu fi kkfn caqasuun ni danda'am.

3.1.1.2. Alloogummaan Hojjechuu Dhabuu

Alloogummaa jechuun dhimma tokko keessatti ijoo dubbii fi wal falmitoota (parties) ilaalichisee gochaa fi ilaalcha loogummaa agarsiisuu ykn rawwachuu jechuu dha. Yaadni kun yada bilisummaa Abbaa seerummaa waliin kan wal fakkaatu yoo ta'e illee amala adda isa godhu qaba.

Alloogummaa Abbaa seerummaa kanneen mul'isan keessaa ejjannoo gara tokkotti loogu dursanii qabaachu dhabuu fi haalawwan bifa maddalawaa ta'een gartuu lachuu akka hin ilaalleef isa saaxilu irraa abbaan seeraa of qusachuu dhabuu kanneen jedhaman hangafoota. Kuns jechaa Abbaa seeraa fi tarkanfii inni fudhatuun kan ibsamu dha. Fakkeenyaaf, abbooti dhimmaa irratti jecha hin taane fayyadamuu, nama salphisuu, Abbaa dhimmaa ykn ragaa garee tokkoo sodaachisuu ykn bifa sodaachisuu ta'een itti dhiyaachuu, fi kkf akka fakkeenyaatti eerun ni danda'ama.

Haaluma kanaan, akka gaffii afaanii fi barreefamaa abbootii alangaa fi poolisoota nannuchaa wajjiin geegeesine ibsutti kanneen armaan gadii safartuu (standard) namusaa

kana wal qabatee hojmaata badaa hojii Abbaa seerummaa naannoo keenya keessatti mul'atu dha.[39]

- Abbootin seeraa keessattuu sadarkaa mana murtii aanaa fi godina irratti garee tokkoof loogi gochuu irraa kan ka'e yeroo baayyee ragaan quubsaan waan hin jirreef manni murtii bilisa ykn adabbii gadi aanadhaan adaba jedhamee yaadamutti adaabbi cimaan yeroo adabu bakka ragaa qubsaan jirutti ammoo adabbii gadi aanuun ykn manni murtii himatama bilisa yeroo gadi lakkisu mula'ata. Hojmaati badaan akkasii ammoo murtii haqaa qabeessa murteessuu dhabuu hordofsiisuuf shoora guddaa qabachuu irra darbee murtiin tilmaamama ta'e haala wal fakkatuun akka hin murtoofneef gumaacha guddaa qaba.

- Abbaan seeraa yeroo baayyee dhaddacharratti falmii gama laachuunu jiru seeraan adeemsisee ragaa jiru madalee murtii haqa qabeessa laachu osoo qabuu ragaa raguuf dhiyaate keessattuu ragaa Abbaa alangaa ta'e jedhee haala sodaachisaan itti dhiyaachu fi naasisuutu mula'ata. Kun ammoo, ragaan namaa yeroo bayyee mana murtii folduratti dhiyaatu matuma isaanu soda waan qabuuf abbaan seeraa ammoo haala hin taanee fi sodaachisaan yeroo itti dhiyaatu waan beeku osoo hin taane dheekamsa Abbaa seera qabaneessu danda'a jedhee waan yaadu waan haasa'uuf ragaa dhugummaa qabu abbaan alangaa argamsisuuf rakkisaa ta'eera.

- Shakkamtoota ragaan irratti haalan argame abbootin seeraa adabbii gadii aanuun ykn bilisa gadi lakkisuu. Fakkenyaaf, akka jecha ragaa irraa hubatamutti yakki rawwate yakka ajeechaa yeroo ta'uu abbaan seera himatamaa fayyadauuf jecha ajeechaa daguutiin adaba.

- Dhaddacha irratti abbootiin seeraa kabaja ofiif qaban ol kaasudhaan Abbaa dhimmaa, Abbaa alangaa fi abukaattoo dhuunfaa arabsuu, salphisuu, ifachuu fi kkf rawwachuu.

Fkkeyaaf, akka abbootiin alangaa gaaffii afanii nu waliin geeggesan tokko tokko [40] dhimma kanaan wal qabsiisanii akka fakkeenyaatti dubatanitti abbootiin seeraa

[39] (Maqaan Icitii) Abbootii Alangaa Fi Polisoota Aanaa Konbochaa, Itayyaa Fi Lummee

[40] (Maqaan Icitti, Abbootii Alangaa, Biiroo Haqaa Oromiyaa

abbooti alangaatiin dandeetti fi sadarkaa barumsaa Abbaa alangichaa utumaa beekanii "atii amma mirga dhala namaaf heerran ol ka'ame beektaa?" jechuun tuffii Abbaa alangaaf qaban ibsuu. Kana malees, bu'uura danbii namusa abba seerummaatiin abbaan seeraa tokko Abbaa dhimmaa haala hin taneen itti dhiyaachuu akka hin qabne kan eeru yoo ta'e illee abbootiin seeraa yeroo tokko tokko gama kanaan naamusa kana kabajuu dhabuun hojimaata badaa yoo rawwatan ni mul'ata. Fakkenyaaf, wa'ee falmii dhirsaa fi niiti ilaalchisee dubartoonni yeroo dhiyaatan "duraan jalattee kan itti eerumte manni murtii maal akka sii godhu barbaade?" jechuu fi kkf.

- Abbootin seeraa abukaattoo dhuunfaa keessattu dhimma hariiroo hawwasaa irratti waliin ta'udhaan haqaa dabsuu. Dhimma kana irratti akka abbootin alangaa bayyeen jedhanitti yeroo ammaa abbootin seeraa harkaa abukaattota dhunfaatiin malmaltummaa akka rawwataniif abbukaattonni kunniin Abbaa dhimmaa fi abbooti seeraa wal qunamsiisa jiru jedhu.[41] Kunis malaammaltumaam alla baba;\tiif gi,aacja ,ataa osaato fidhateera.

- Ragaa Abbaa alangaa fi ragaa himatamaa (ragaa ittisaa) ija tokkoon ilaalu dhabuu:- akka danbii namusaa Abbaa seeratti abbaan seeraa tokko abbooti dhimma isa fuulduratti falmiif dhiyatan hundaa wal qixa keessumeessuu qaba.[42] Haa ta'uyyuu malee, haala qabatamaan jiru abbootiin alangaa tokko akka dubataniitti,[43] abbootin seeraa ragaa Abbaa alangaa yeroo dhaga'u jecha ragaan sun dubatu ta'e jedhee dabsuun ragaa Abbaa alangaa yeroo burjaajessu, ragaa ittisaa himatamaa lama qofa dhaga'ee ragaa dabalataa himatamaan yeroo dhiyessuuf yaalu "dhiisi si ga'a kana caala sii harkaa waliin dhawamaa" jechuu fi kkftu mul'ata. Adeemsi akkasii kun ammoo abbooti dhimmaa wal qixa keessumeessuu dhabuu irra darbee danbii naamusa Abbaa seeraa kewt. 9 jalatti obsaan Abbaa dhimmaa dhageefachuu fi dubbii xumursiisuu jechuun danbiichaan eerame waliin adeemsa wal simu miti.

---

[41] Maqaan Icitti, Abbootii Alangaa, Wajjira Haqaa Illu Abbaa Boora, Arsii Lixaa Fi Kibba Lixa Shawaa

[42] Madda Lak. 37

[43] Maqaan Icitii, Abbootii Alangaa, Wajjira Haqaa Shawaa Bahaa Fi Arsii Asallaa

3.1.1.3. Bellama Baayisuu

Akka danbii naamusa abbooti seeraa lak. 1/1995tti abbaan seeraa tokko sababa gahaa malee haala galmee dhimma lafarra harksisuu danda'uun beellama baaysuu ykn dheeressuu hin qabu. haa ta'uyyuu malee, gaffiin afanii abbooti alangaa fi abbooti seeraa akkasumas ragaan galmee bellamaman adda addaa funaaname irraa hubachuun akka danda'ametti abbootin seeraa bellama baayisuu irra darbanii bellama dheeresanii laatu. Hojmaati badaan kun ammoo ragaan akka baduu fi irranfatamu gochuurra darbee abbootiin dhimmaa deddeebii fi baasii gargaagaraaf saxilamuu irraa kan ka'e amantaa ummanni mana murtii irratti qabaachuu qabu dhabamsiisa jira. Kanaaf ammoo abbootiin alangaa tokko tokkoo sababoota armaan gadii eeru.

- Galmeen hin qoratamne jechuun irra dedebi'anii galmee tokko irratti beelama laachu.
- Abbootin seera wali hin geenye jechun beelamu.
- Waraabbiin jechaa ragaa galmeen wal hin qabanne jechuun beelamuu
- Sababiin isaa ifatti utuu hin ibsin beelama laachuu fi kkf.

3.1.1.4. Dhaddacha Ifa Ta'etti Hojechuu Dhabuu Fi Sa'a Hojii Kabajuu Dhabuu

Bu'uura danbii namusaa lak. 1/1995 tiin abbaan seeraa tokko hallii mijataan utuu jiruu dhaddacha ifa ta'etti hojii Abbaa seerummaa geggussuu dhabuuni fi hayyama ykn sababa ga'aa malee yeroo hojii kabajuu dhabuun badii naamusaa salphaa jedhamuun eeramaniiru.[44] Bu'uura danbii kanaatiin dhaddacha ifa ta'e geggeessuuf halli mijataan hang ajirutti abbaan seera dhaddacha ummataa fi sab-quunamtiif ifa ta'e geggeessuuf ni dirqama. Kun ammoo itti gafatamummaa abbooti seeraa guddisuudhaan murtiin loogi irra bilisa ta'e akka laatamuuf gumaacha mataa isaa qaba. Haata'uyyuu malee, yeroo ammaa manneen murtii bayyee keessatti rakkoon bakka ga'aa ta'e argachuu dhabuu yoo jiraate illee manneen murtii bakkeen ga'an jiru keessattillee dhaddachi ummataaf ifa ta'e hin

[44] Seera adeemsa Falmii Hariiroo Hawwasaa Mootummaa Federalawaa Itioophiyaa, neegariiti Gaazexaa, labsii lak. 3/1965, kewt. 389.

geegeffamu. Fakkeenyaaf, mana murtii ol'aanaa Harargee Bahaa, Mana murtii Waliigalaa (Dhaddacha nannawaa Adaamaa) fi kkf.

Bifuma wal fakkaatuun, bu'uura danbii armaan olitti eerameen sababa gahaa ykn hayyama utuu hin qabaatin abbootin seeraa hojii irraa hafuu ykn dhabamuu hin danda'ani.[45] Haa ta'uti garuu, qorannoo kanaaf odeefannoo guuruuf manneen murtii nuti irra naanna'aa turre adda addaa irraa hubachuun akka dana'ametti keessattu manneen murtii aana fi ol'aana irratti itti gafatamtoota manneen murtii dabalatee yeroon hojii hin kabajamu. Kunis, ganama sa'a 3:00 – 3:30tti yeroo seenan sa'a booda ammoo sa'a 8:00-8:30 giddutti hojii seenu.

Dhimma kana ilaalichifnee gaffii afanii abbooti dhimmaa fi ogeessota manneen murtii keessa hojjetanii tokko tokko waliin goone irra akka hubachuu dandeenyetti.[46] Abbootiin seera hojii Abbaa seerummaa akka taytaatti ilaalu fi bilisummaa isaani dawoo godhachuudhaan akka nama itti gafatamummaa hin qabneetti of ilaalu irraa kan ka'e sa'a hojii kabajuun hangas mara hin mul'atu. Kana malees, akka pireezdantoonni tokko tokkoo jedhanitti abbootiin seeraa pireezidantonni akka sa'a kabajan yeroo itti himamu bilisummaa kootti buute jechuun mufachuuns darbee darbee ni mula'ata.

3.1.2. Naamusa Abbaa Alangummaa

Naamusi Abbaa alangummaa akkuma namusa Abbaa seerummaa ilaalichisee armaan olitti eerame hojiin Abbaa alangummaa hojiiwwan mirgoota fi bilisummaawwan bu'uura dhali namaa qabu waliin hojii wal qabatu waan ta'eef hojiiwwan ykn ogummawwan biroo caala hojii naamusa ol'aanaadhaan rawwatamuu qabu dha. Haaluma kanaan, abbootin alangaa hojiiwwan bulchiinsa sirna haqaa keessatti rawwataniin murtiiwwan miirgoota dhala namaa waliin wal qabatan adda addaa waan kennaniif murtiwwan kun ammoo sadarkaa sirna naamusa ogummaa Abbaa alangummaa abbooti alangaa irraa eegamuun hin kennamu yoo ta'e mirga dhala namaa herran beekamtii argatan kanneen dhaiibu danda'a.

Gama biraatiin, abbootiin alangaa naamusaa ogummaa isaaniif barbaachisu kan hin qabanee fi gama kanaan dudhalee ogummaa kanneen irraa maquun hojmaati badaan

[45] Madda lak. 37. Kewt. 16

[46] Abbootii Dhimmaa, Ob. Huseen Kurkuraa, yaasin Abdoo fi Kamala Leencoo

bal'inaan kan mul'atu yoo ta'e tajaajila loogi fi haqaa qabeessa ta'e kennuun kan hin danda'amne waan ta'uuf hawaasa biratti fudhatamaa fi amanamummaa horachuun hin danda'ama.

Naamusa sabbaa alangummaa kana sadarkaa nannoo Oromiyaatti yeroo ilaallu seerrii addatti tumame kan hin jirre yemmuu ta'u danbiin ittiin buulmaata abbooti alangaa mootummaa naannoo Oromiyaa lak. 34/1995 naamusa Abbaa alangummaa bifa walii galaatiin tumeera.

Yeroo ammaa hojii Abbaa alangumaa bu'a qabeessa gochuudhaan abbootin alangaa dhimma naamusaan wal qabatee hojmaata badaa irraa akka of qusataniif danbiin jaqabaa qajeelfama naamusa ogummaa abbooti alangaa qopha'e jira. Haaluma kanaan, qajeelfma naamusa Abbaa alangummaa irraa maquun hojmaata badaa yeroo ammaa mula'chaa jiru akka armaan gadiitti xinxalleera.

3.1.3. Bilisummaa Hojii

Akka naamusa Abbaa alangummaa ilaalichisee muuxannoo sadarkkaa addunyaa irratti jiruttis ta'e bu'uura wixnee jalqabaa naamusa Abbaa alangummaa ilaalichisee mootummaa naannoo Oromiyaatiin qophaa'etti, abbaan alangaa kamiyyuu yammuu hojii isaa rawwatu dhiibbaa kamiyyuu irraa bilisa ta'u qaba. Kana malees, qajeelfamni hojii qaama biroo irraa Abbaa langaatiif kennamu kamiyyuu bilisummaa hojii Abbaa alangummaa kan hin tuqne ta'uu qaba.[47] Bu'uura lab sii kanaatin, abbootin alangaa dhiibba kun qaama kamii irrayyuu keessaattu dhibbaa mootummaa irraa isa quunamu irraa bilisa ta'ee hojii Abbaa alangummaa rawwachuu qaba. As irratti yaadni hubatamuu qabu bilisummaan abbootiin alangaa gama mootummaatin qabaachu qaban bilisummaa wajjiraa osoo hin taane bilisummaa ogummaa (Proffessional Independece) ta'uu isaati. Haaluma kanaan, bu'ura qajeelfama naamusaa kana irraa abbootiin alangaa akka maqan tasiisuuns ta'e abbootiin alangaa qajeelfama naamusaa kana irraa maquun hojii Abbaa alangummaa rawwatanii argamuun isanii hojmaata badaa mirga dhala namaa hubuu danda'u dha.

[47] Danbii Namusa Abbaa Alanagummaa, Magalata Oromiyaa, Labsii Lak. 34/1995, Kewt. 41-50

Haaluma kanaan, gaffiin afaanii pireezidaantota manneen murtii tokko tokkoo fi abbooti alangaa [48] waliin taasifame akka ibsutti abbootin alangaa yeroo bayyee keessattu dhimma investimantii, siyaasa, dubartoota fi duuchadhumatti dhimma fedhiin mootummaa keessa jiru irratti dhiibba isaan irra ga'urraa kan ka'e himata ragaa quubsan hin deeggaraminii fi saammun abbootii alangaa itti hin amanin gara mana murtiitti dhiyeessuu. Kun ammo hojmaata badaa qajeelfama naamusaa kanaan wal bira darbuun mirga himatamaa miidhuu ta'urraa darbee qajeelfama naamusa Abbaa alangummaa "abbaan alangaa kamiyyuu dhimma yakka tokko irratti qorannoon gahaan taasifamee ragaa fi odeeffannoo barbaachisu hundaan osoo hin deeggaramin shakkamaa himataan gara mana murtiitti dhiyeessuu hin qabu"[49] jedhu waliinis kan wal simu miti.

3.1.2.2. Loogiin Hojjachuu

Danbiin naamusa Abbaa alangummaa armaan olitti eerame kewwata 11 irraa hubachuun akka danda'amutti abbaan alangaa tokko hojii Abbaa alangummaa isaa al-loogummaa gutuudhaan hojechuu qaba. Qajeelfamani naamusaa kuns abbaan alangaa tokko shakkamaa himata irratti banu irratti ragaa dhugummaa qaban dhiyeessuu, dhimma tokko irratti himannaa banuun dura dhimmicha irratti qorannaan ga'aan gaggeeffamuu fi ragaa quubsaan jiraachuu fi jiraachuu dhabuu mirkaneeffachuu, fi ragaan shakkamaa irratti dhiyaate adeemsa seera qubeessaan argamuu isaa mirkaneeffachuu kanneen jedhaman kan of keessatti qabatu dha.

Bu'uura qajeelfama naamusaa kanaan rawwii qabatamaan jiru yoo xinxalle hojiin Abbaa alangummaa al-loogummaa guutudhaan rawwachaa jira kan nama jechisiisu miti. hojmaata badaa kanaaf ammoo cuunfaa gaaffii afanii abbootii alangaa fi abbootii seeraa nannuchaa waliin tasfamee armaan gaditti tarreefaman ilaaluun ga'a ta'a.

- Ragaan dhiyaatu dhugummaa qabaachuu osoo hin mirkaneessiin ragaa sobaa qindeessuun dhiyeessuu.
- Qorannaan ga'aan geggeefamuun ragaa quubsaan shakkamaa irratti dhiyaachuu isaa osoo hin mirkaneesattiin shakkamaa himachuu.

[48] Maqaan Icittii. Abbootii Seeraa. Kibba Lixa Shawaa Fi Sahawaa Bahaa, Abbootii Alangaa. Arsii Lixaa Fi Sahwaa Bahaa.

[49] Madda Lak. 47

- Qorannoon erga xumuramee booda dhimma ragaan ga'an irratti mirkaneessee gara mana murtii dhiyaachuu qabu abbaan alangaa himatamaa waliin walii galuun himannaa banuu dhabuu:- dhimma kana ilaalichisee gaaffii afanii abbooti dhimma tokko tokko irraa hubachuun akka danda'ametti abbootiin alangaa tokko tokko midhamaadhaan ragaan ga'aan hin jiru jechuudhaani fi sababa tokko malee galmee gara mana murtii dhiyaachuu qabu lafarra harkisuu fi utuu hin dhiyessiin kan hafan ni jiru.

- Himata gadi buusanii himachuu fi ta'e jedhanii dhaddacha irratti falmii ga'aa hin taane rawwachuu.

3.2. Qorannoo Yakkaa fi Hojmaata Badaa

Yeroo dhiwoo irraa eegalee akka nannoottis ta'e akkuma biyyatti seera adeemsa falmii yakkaa kewwata 8 fi 9 akkasumas himaammata JBAH mootummaadhaan yeroo ammaa hojii irra oola jiru bu'ura godhachudhaan qorannaan yakkaa hirmannaa qaama qoolisii fi wajjira Abbaa alangaatiin adeemsifama akka jiru kan hunduu irratti walii galu dha. Kunis adeemsa dhimma qorannoo yakkaa kanaan dura wajjira poolisii qofaan geggefama ture yeroo ammaa hirmannaa wajjira Abbaa alangaatiin waan deegarameef dhimma qorannaa yakkaa ilaalichisee hojmaata badaa poolisiidhaan keessattu mirga dhala namaan wal qabatee rawwatamaa ture ni hambisa jedhamee waan itti amanameefi. Haaluma kanaan, nutis hojmaata bada wajjira poolisii keessatti qabatamaan mol'atan xinxaluun mata duree qo'annoo kana ala yoo ta'e iyyuu akkuma armaan olitti eerame poolisonni dhimma qorannoo wajjira Abbaa alangaa faana geggessaa waan jiranif akkuma seensa qo'annichaa irraa hubachuun danda'amutti hojmaata badaa wajjira kana faana wal qabatan adda baasanii agarsiisun ammoo kayyoo qo'annichaa waan ta'eef dhimma qorannoo yakkaa ilaalichisee hojmaata badaa hojii qo'annoo yakkaa kana iraatti abbooti alangaa fi poolisoota giddutti mul'atan adda baasunis dirqama ta'a.

Akkuma armaan duratti eeruuf yaalame, baratama kanaan dura tureen qorannoon yakkaa wayita wajjira poolisii qofaan geggefamaa ture rakkowwanii fi hanqinni garaa garaa tureera. Kanaafuu, adeemsi yeroo ammaa saxaxamee hojii irra oola jiru qorannoo yakkaa kana irratti kan duraan ture irra wajjira Abbaa alangaa kan hirmaachisu waan ta'eef rakkoowwanii fi hojmatilee badaa kanaan dura turan ni fura jedhamu amanama.

Haa ta'utti garuu, adeemsi kun hanga tokko rakkolee fi hojmaata badaa kanaan dura ture kan furaa jiru yoo ta'e illee, hojmaatilee badaa kanneen hundaa hundatti hambiseera jechuun hin danda'amu. Hanga yoonatti hojmatileen badaan kanaan dura dhimma qorannoon wal qabatee mula'achaa ture adeemsa harawaa kana keessattis kan hin hafne jiraachuurra darbee adeemisumti kun matumitti isaa hojmaatileen badaan tokko tokkoo akka rawwatuf karaa baneera. Kanaaf ammoo tattafii fi kaaka'umsi abbootiin alangaa fi poolisonni hojicha irratti qaban sababa guddaa ta'uun isaa hubatameera.[50] Haaluma kanaan, hojmaata badaa dhimma qorannoo yakkaa kana wajjiin wal qabatanii mul'atan akka armaan gadiitti ilaalu yallerra.

3.2.1. Waliigalteen Hojjechuu Dhabuu

Adeemsa qorannaa yakkaa keessatti qoratoota poolisii fi abbootii alangaa gidduu walii galtee fi hariiroo gaariin dhibuun isaa hojmaata badaa kayyoon himammatichaa bifa yaadameen akka galma hin geenyeef sababa jalqabaa ta'uu danda'u dha.

Akka gaaffii afanii abbootii alangaa tokko tokko wajjiin godhame irraa hubachuun danda'ameetti qoratoonni poolisii adeemsa JBAHtiin bu'ura seeraa adeemsa falmii yakkatiin abbaan alangaa qooratoota poolisii "hanga waliin hojjennetti sadarkaan keenya tokko" jechuun qajeelfame gama Abbaa alangatiin isaniif laatamu diduun ni mul'ata.[51] Kun ammoo qaamni kun lachan waliin galuudhaa bifa yaadameen kaayyoo yaadame galmaan ga'uu akka hin dandeeyeef sababa tokko ta'eera.

Gama biraatiin, qoratoonni poolisii Abbaa alangaa waliin hojii qorannoo kana geggessuuf fedhii dhabuun hojmaata badaa adeemsa kanaaf gufuu kan ta'e ta'auu isaa obootiin alangaa ni dubbatu.[52] Kunis, yakki tokko wayita dalagamu baratamaan qunamtiin ykn odeefannoon jalqaba kan kennamu wajjira poolisitti waan ta'eef, poolisiin odeefannoo kana Abbaa alangaa dhoksuudhaan qofaa isaa qorannootti seena. Hojmanni akkasii kun ammoo hojmaati badaan kanaan dura ture deebi'ee akka lubbuu horatuuf sababa ta'eera. Fakkeenyaaf, qoratonni poolisii seeraan ala mirga dhala namaa heeran gonfatame

[50] Cuunfaa Gaffii Afanii Fi Gaaffii Barreefamaa Geggesame Irraa Argame.

[51] (Maqaan Icitii). Fakkenyaaf, Abbootii Alangaa, Wajjira Haqaa Arsii Asallaa, Harargee Bahaa Fi Kibba Lixa Shawaa

[52] (Maqaan Icitti), Fakkenyaaf, Abbootii Alangaa, Wajjira Haqaa Illuu Abbaa Boora, Shawaa Bahaa Arsii Lixaa

daangessuu, himatamaa waliin walii galudhaan ragaa balleessuu, shakkamtoota miliqisuu fi kkf ni caqasamu. Rakkoo kana furuufs wajjirri Abbaa alangaa adeemsi inni itti fayyadamaa jiru adeemsa rakkoo kan biraaf karaa banu dha. Kunis bakka abbootiin alangaa hin jirretti hojii qorannoo tokko iyyuu akka hin geggesineef qoratoota poolisii kan dangessuu yoo ta'u kun ammo debareedhaan hanga abbaan alangaa dhufutti poolisonni qorannoo tokko illee waan hin geggesineef ragaan akka miliquuf sababa ta'ee jira.

3.2.2. Hoggansi Ga'aa Ta'e Gama Abbaa Alangaan Dhabamuu

Bu'uura himammata JBAH yeroo ammaa hojiirra ooleen abbaan alangaa hojii qorannoo hundaa irratti qorataa poolisii wajjiin hirmaachuun rakkoo adeemsi kanaan dura ture, fakkeenyaaf, ragaa sobaa dhiyessu, mirgi himatamaa dhiibamuu, ragaa miliqsuu fi kkf hambisuu fid ha. Haata'uyyuu malee, adeemsi yeroo ammaa rawwachaa jiru bifa himammatichi karoorfamee irraa haala maqeen waan rawwachaa jiruuf rakkoolee armaan olitti eeraman kanneen hambiseera jechuun kan hin danda'amne ta'u abbootin alangaa tokko tokko ni dubbatu. Kunis, abbootin alangaa yeroo baayyee qaaman qoratoota poolisii waliin hojii qorannoo yakkaa geggessu osoo hin taane, qorannoo qorataan poolisii qoratee fide ilaalee malattoon mirkaneessuu qofa. Himammatichi adeemsa akkasii kan deegaru yoo hin taane illee, abbootin alangaa yeroo bayyee adeemsa kana kan filatan ta'uu dawwannaan nuti iddoo adda addatti geggesinees ni mirkanessa. Adeemsi/hojmaati akkasitti seeraa irraa maqee rawwatamu kun ammoo dhibbaan bartamni kanaan dura qabaacha ture akka hin hafneef sababa ta'eera.

3.2.3. Hojimaata Badaa fi Adeemsa Safisaa Falmii yakkaa (Real Time Dhipuch)

Akkuma beekamu tooftaan safisaan adeemsa falmii yakkaa gosa himannaa yakkaa murta'an irratti murtii safisa laachuuf akka tolutti adeemsa saxaxame dha. Bu'uura seeraa adeemsa falmii yakkaatiin gosonni yakkaa adeemsa kanaan ilaalamuu qaban mirga himatamaa yaada keessa galchuun safartuu mataa isaati qaba. Haaluma kanaan, yakkoonni adeemsa kanaan ilaalaman yakkoota ulfaatina hin qabnee fi wal xaxaa hin taane ta'ee yakka harkaa fi harkatti qabame ta'urra darbee yakka ragaan ga'aa dhiyenyatti haala ifa ta'een argamu danda'an irratti dha. Kanaafuu, yakka harkaa fi harkaa ta'ee yakkichi

ulfaata fi wal xaxaa yoo ta'e adeemsa kanaan ilaalamu hin danda'u jechuu dha. Kana malees, yakka hanga tokko ifaa fi salphaa ta'e garuu harkaa fi harkatti hin qabamnees adeemsa kanaan himachuuns ta'e ilaalun hin danda'amu.

Haa ta'uti yeroo ammaa, adeemsa kanaan hojmanni hojjetamaa jiru adeemsa seera kana irraa maqe dha. Kunis, adeemsa kanaan qabatamaan yakkonni ilaalamaa jiran safartuwwaan seeraan armaan olitti eeraman gidduu galeessa akn godhate osoo hin taane yakkoota hundaa irrattu kan rawwii argatu dha. Kanaafs, galmeen armaan gadditti eeramee yeroo ammaa ilaalamaa jiru fakkeenya gaarii ta'u danda'a.

- Galmee lak. 00534:- Himatamaan biyya alaatti sinaan erga jechuun namoota hedduu goyyomseera jedhamee himatameera.
- Galmee lak. 00532:- Himatamaan seeraan ala meeshaa biyya alaati gasha jedhamee himatame.

Egaa adeemsa falmii yakkaa safisa ta'e kana yakkoota seeraan ol ka'aman ala yakkoota gosa hundaafuu fayyadamuun mirga himatamaan heeraan ragaa isatti dhiyaate akka ofirraa ittisuuf yeroon ga'an laatamuun ogessaa wajjiin akka mari'atuufs qabu dandgessuu irra darbee abbootin alangaa fi poolisonni yakka kaminu yeroo gabaa keessatti murtii argamsiisuuf jecha qorannoo gadi fageenyaan osoo dhimmicha irratti hin geggessiin gara mana murtii waan fidaniif namnii adabamuu qabu bilisa gadi akka lakkifamuuf sababa tokko ta'eera.

3.2.4. Hojimaata Badaa Biro Dhimma Qorannoo Yakkaan Wal Qabate

Dhimma qorannoo yakkaa ilaalichisee hojmanni badaan armaan olitti eeraman akkuma jiranitti ta'ee kanneen armaan gadiis hojimatilee badoo gara fuula duraatti ilaalcha barbadani dha.[53]

- Yeroo tokko tokko abbootin alangaa fi poolisonni walii galuudhaan himatamaa gargaaruuf jecha qorannaan yeroo geggefamaa jiruus ta'e erga xumuramee booda raga miliqisuu, galmee keessaa yaada ragaa ciruu fi kkf ni rawwatu.

[53] Cuunfaa Gaffii Barefamaa Irraa Argame

- Yeroo qo'annoo geggessaan abbootin alangaa fi poolisonni ragaa barbachisaa fi qabatama qabu argachuun murtii haqa qabeessa argamsiisuuf tattaffii fi fedhiin isaan qaban gadi aana dha. Kanaafs, qorannoo gadi fageenyaan qorachuu dhabuun galmeen bayyeen raga ga'an waan hin jirreef cafamee jira.

- Yeroo tokko tokko poolisonni qorannoo yakka yeroo geggessan bakka abbaan alangaa hin jirretti waan geggessaniif himatamaadhaan "adeemsa durii moo kan haarawaadhaan dhimma kee sii ilaalu?" jechuun adeemsa "RTD" fi adeemsa idilee akka filannotti himatamaaf dhiyeessuun himatamaan kan adeesa durii filatu yoo ta'e fedhii isaa kan eeguuf qarshii kafalchiisu. Kanaaf ammoo akka sababtti kan caqasamu hoggansi abbaan alangaa qoratoota poolisii irratti qabu hanga ammaa illee gadi aanaa ta'uu isaati.

3.3. Hojimaata Badaa fi Murtii Safisa Laachuu

Barreefamonni adda addaa kan biyya keessaas ta'e kan biyyoota addunyaa dhimma yakkaas ta'e dhimma hariiroo hawwasaa keessatti murtiin safisa qabu himatamaafs ta'e himataaf laachun barbaachisaa akka ta'e irratti waliigalu. Yaada kanas adeemsa falmii gosa kaminuu keessatti dhugoomsuuf biyyoonni addunyaa qajeelfama "Justice delayed is justice denied" jedhu akka dhaadanotti itti fayyadamu. Sababiin isaa murtiin galmee tokko irratti uttu hin laatamin galmichi kan lafarra harkifamu yoo ta'e mirga himatamaas ta'e himataa sadarkaa addunyaa irratti fudhatam argate kan nafeesurra darbee ragoliin adda addaa dheerina yeroo irraa kan ka'e baduu fi irranfatmuu waan dada'uuf murtii haqa qabeessa laachuuf nama rakkisa.

Bu'uura yaada kanaa deegaruudhaan herri mootummaa Federalawaa Itoophiyaas mata duree mirga himatamaa jedhu jalatti himatamaan kamiyyuu murti safisaa ta'e yeroo gababa keessatti argachuuf mirga qaba jechudhaan eera.[54] Heerri mootummaa nannoo Oromiyaas keewwata isaa 20 jalatti mirga himatamaa yeroo tarressuu yaaduma heera mootummaa kaa Federalawaa kana deegara.

Haata'uti garuu, qajeelfamni armaan olitti eeramee sadarkaa addunyaa irratti ta'e heera keenya keessatti fudhatama argate kun bifa yaadameen akka galam hin geenyeef

[54] Madda Lak. 22 Kewt. 19

hojimaatileen badaan qaamolee haqa kessattu wajjira mana murtii fi Abbaa alangaa keessatti mullatan hudhaa ta'an jiru. Kanneens hojimaatilee badaa manneen murtii fi abba alangaa jechuun bakka lametti qoodinee akka ramaan gaditti ilaallee jirra.

3.3.1. Hojimaatile Badaa Gama Manneen Murtiitiin Mul'atan

Manni murtii dhimma yakkaas ta'e dhimma hariiroo irratti murtii safisa qabu akka hin laatineef hojimaati badaan sababa ta'an akka rarmaan gaditti tarreefamaniru.

3.3.1.1. Waamicha Himatamaaf Godhamu

Galmeen mana murtiitti erga banamee booda akka lafarraa harkifatuuf sababa kan ta'an keessaa tokko himatamaa beellama jalqabaa irratti argamuu dhabuu dha. Kunis bellama jalqabaa qofa irratti osoo hin taane himatamaan bellamni lama ykn sadii haga beelamamutti dhiyaachuu dhabuu dha. Bakka kanatti yaadni dagatamuu hin qabne dhiiyaachu dhabuu himatamaaf sababa guddaa kan ta'e waamicha gama mana murtiitiin wal qabatee himatamaan godhamu waliin wal qabate ta'uu isaati. Kunis, waamichi himatamaa kanaaf mana murtiin godhamu dheeraa fi hirmaana qaamolee adda addaa keessa kan darbu waan ta'eef yeroo barbaadame keessatti himatamaa kan hin qaqab ne ta'urra darbee tasumaa ga'uun isaatiyu kan nama shakkisiisu dha. Gama mana urtiintiin dhimma kanaan wal qabatee dhimmichi sadarkaa mana murtii ol'aanaa irratti kan jalqabe yoo ta'e adeemsii inni keessa darbu akka armaan gaditti ibsameera.

Dhimma Yakkaa

Mana murtii ol'aanaa → qajeelchaa Poolisii Godinaa → Waajjira poolisii →

Dura ta'a Gondaa → Milishaa ykn Poolisii Ganaa → Himatamaa

Dhimmaa Hariiroo Hawwasaa

Mana murtii → Himataa → Gandaa → Dura ta'aa ganda → Himatamaa

Akka abbootiin seeraa naannichaa jedhanitti adeemsi kun xalayaan waamichaa mana murtii irraa himatamaaf barreefamu dheerachuu irra darbee sadarkaa dakaatti ajaja mana murtii abbuummaan qaamni rawwachisuu waan hin jirreef yeroo bayyee xalayan

wamichaa sun himatamaa osoo hin qaqabiin karaa irratti hafa ni bada ykn ni irranfatama. Sababuma hojimaata badaa kana irraa kan ka'ees himatamaan guyyaa bellamaatti waan hin argamaneef galmichi yeroo dheeraaf lafarra harkifama. Kun ammoo, murtiin safisaa qabu akka hin laatamneef keessattu dhimma hariiroo hawwasaa irratti rakkoo guddaa ta'eera.

3.3.1.2. Sirna Beellamaa Kabajuu Dhabuu

Dawwanaa dhaddachaa fi gaaffii affaanii abbootii alangaa nannichaa wajjiin godhame irraa akka hubachuun danda'ametti hojimaati badaan galmeen yeroo dheeraaf hin murta'in akka turuuf sababa lamaafaa ta'e abbootiin seeraa sirna bellamaa seeraan ol ka'ame kabajuu dhabuu dha.

Bu'uura seera adeemsa falmii yakkatins ta'e hariiroon hallewwan belamanii itti kenamuu qabu ifatti teechisaniiru.[55] Kanaafuu, abbootin seeraa bellama galmee irratti yeroo laatan haalawwan seeran tumaman kanneen yaada keessa galfachuu qabu. dheerinni (turtiin) beelamichas sababa beellamichi barbaachise raawwachuuf yeroo barbaachisu yaada keessa galchuun wayita ta'u, bellamni tokko tokko amma turtii turban tokko caala isaan hin barbaachisu. [56]

Haa ta'u malee yeroo ammaa gama mana murtiin gama murtiin gama kanaan hojimaataa seera irraa maqetu bal'inaan mul'ata. Kunis, sirna beellama seeraan ol kaa'ame hordofuun hafee baratamaa jiru qofa irratti hundaa'udhaan haalawwan seeraan hin deeggaramin armaan gaditti tarreeffaman sababa godhachuun bu'uura seeraa malee yeroo beellamaa yoo xoqqaatee ji'a 1-4 ta'u kan beellamamu ta'uu isaa galmee too'ataman tokko tokko irraa hubachuun danda'ameera.

- Galmeen hin qoratamne jechuun beellamuu.
- Abbooti seeraa wal hin geenye jechuun beellamuu,
- Waraabiin jechaa galmeen wa hin qabanne jechuun beellamuu fi

[55] Seera Adeemsa Falmii Yakkaa Motummaa Federalawaa Itophiyaa. Negarti Gazexaa, Labsii Lak. 196. Kewt. 94 Fi Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawwaasa Mootummaa Federalawaa Itophiyaa, Negaariiti Gaazexaa, Labsii Lak. 3/1965, Kewt. 489

[56] Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawwasaa Motummaa Federalawaa Itophiyaa. Negartii Gazeexaa, Labsii Lak. 3/2965, Kewt 94(3) Fi 95(1)

3.3.1.3. Jala Murtiif Beellama Idilee Laachuu

Hojimaata badan galmeen akka lafarra harkifatuuf sababa ta'u kan biraan dhimma tokko irratti jala murtii laachuuf abbootin seeraa belama idilee beelamu isanii ti dha. Kana jechuun dhimmicha achumatti xumuruu utuu danda'anii abbootiin seerraa jala murtii laachuuf bellama lama ykn sadii qabatu ykn bellamu. Fakkeenyaaf, dhimma yakkaa keessatti ragaan Abbaa alangaa erga dhagayamee booda, ragaadhuma kana irratti hunda'uun abbaan seeraa himatamaan akka bilisa ba'u ykn ragaan Abbaa alangaa qubsaadha ykn kan nama amansiisu dha jedhee yoo yaada himatamaan akka ofirraa ittisuuf achumatti belama laachuun osoo hin barbaachisiin jala murtii laachuu danda'a.[57] haata'uyyu malee, yeroo ammaa abootin seeraa tokko tokko jala murtiiti kan laachuuf "galmee qoranne" jechu dhaan bellama idilee bellamu. Kunis, hojimaata badaa hubaannoo seeraa irratti abbootin seeraa qaban irraa kan maddee fi baratame jiru qofa hordofuu irraa kan madde yeroo ta'u galmeen dafee murtii akka hin arganeef gumaacha mataa isaati gumaacha jira.

3.3.1.4. Hojmaata Badaa Biroo

Hojimaata badaan adda addaa hogansaa fi bulchiinsa galmeen wal qabatanii manneen murtii keessatti mula'atan illee murtii safisaa ta'e abbooti dhimmaaf akka hin laatamneef sababa ta'eera. Fakkeenyaaf, galmee wal jala fuuchuudhaan galmee tokko abbooti seeraa adda addaan yeroo adda addatti akka ilaalamu gochuu fi kkf caqsuun ni danda'am.

3.3.2. Hojimaatilee Badaa Gama Wajjira Abbaa Alangaatin Mula'atan

Hojimaati badaan galmeen akka lafarra harkifatuuf sababa ta'an adeemsa hojii manneen murtii keessa jiran qofa osoo hin taane gama wajjira abbooti alangaatin illee ni mul'atu. Kana jechuun, abbootin alangaa keessattuu dhimma yakkaa irratti adda dureenyaan gahee guddaa waan qabaniif galmeen yakkaa kun dafee murtii akka argatuuf gumaacha guddaa gumaachu. Kanaafuu, hojimaati badaan seera irraa maqe qaama haqaa kana keessatti ni mul'ata tanaan murtii safisaa ta'e taachuuf manni murtii qofaa isaa bu'aa fidu hin qabu.

[57] Madda Lak. 56, Kewt. 141

haaluma kanaan, hojimaata badaa wajjira haqaa kana keessatti mula'atu murtiin safisaa ta'e akka hin laatamneef hudhaa ta'e akka armaan gaditti ilaalla.

3.3.2.1. Galmee Qo'annoon Isaa Xumurame Yeroon Gara Mana Murtii Fiduu Dhabuu

Akkuma beekamu galmeen murttii soo hin argatiin lafarra harkifateera (delay of Justice) akn jedhamu turtii galmichi erga mana murtii gahee booda qabu qofa osoo hin taanee himannaan gara mana poolisii erga gahee booda yeroo jiru kan of keessatti qabatu dha. Bu'ura yaada kanaa deegaruudhaan seerri adeemsa falmii yakkaa kewwta isaa 109(1) jalatti yeroo eeru abbaan alangaa galmeen qorannaa mana polisii irraa erga isa qaqabee booda guyyaa 15 keessatti himata isaa qopheessee gara mana murtii akka geessu dubbata. Kanaafuu, abbaan alangaa bu'aa qorannoo yakkaa poolisii irraa erga isaa gahee bultii 15 keessatti himata banuu qaba. Haata'uyyuu malee, qabatamaan yeroo ammaa wajjirri haqaa baayyen ulfatina galmeen (case backlog) hubamaa jiru. Yeroo ammaa rakkoo kana furuuf ittafiin fudhatamaa jiru hangas mara hin mullatu.

3.3.2.2. Ragaa Yeroon Dhiyeessuu Dhabuu

3.3.3.2.2.1. Ragooliif Waamicha Godhuu

Akkuma kutaa dharbe keessatti ilaalu yaalle halli waamicha ragoolifs ta'e himatamaaf godhamu kan amanamummaa hin qabnee fi muffisiisa dha. Adeemsi ragoliin Abbaa alangaa itti waamaman kunis rakkoo wajjira haqaa qofa wajjiin wal qabatu yoo ta'u baate illee adeemsi wajjirri kun ragoolii isaa waamuuf itti gargaaramu amanamaummaa kan hin qabneef yeroo dheera kan fudhatu waan ta'eef ragoliin Abbaa alangaa yeroo barbadamanitti hin dhiyaatani. Adeemsi kunis akka armaan gaditti ibsameera.

Mana murtii → Wajjira Abbaa Alangaa Godinaa → Qajeelcha Poolisii Godinaa → Waajjira Poolisii Aanaa → Dura ta'a ganda → Milishaa ykn Poolisii Gandaa → Ragaa Abba alangaa

Kana malees, adeemsa JABH yeroo ammaa hojiirra oolee jiruun poolisiin ragaa Abbaa alangaa dhiyeessuuf fedhii dhabuun isaanii adeemsa nuffsiisa kanaan wal qabatee ragoolin Abbaa alangaa yeroo yaadametti akka dhiyaatanii raga hin baaneef sababa ta'eera. Kunis akkuma kutaa darbe keessati kaasuu yaalle poolisoonni yeroo ammaa ragaa Abbaa alangaa dhiyeessuuf dirqama hin qabu jedhanii waan yaadaniif ajaja addemsa kanaan wajjira Abbaa alangaa irraa isaan qaqabu keessuummeessuuf fedhiin isanii gadi aanaa ta'u gaaffii afanii abbooti alangaa fi abbooti seeraa wajjiin goone irraa hubachuun danda'ameera.

Egaa adeemsi yeroo ammaa ragooli Abbaa alangaa dhiyeessuuf wajjira Abbaa alangaan itti fayyadama jiru kaayyoo yaadame galmaan ga'uuf amansiisaa hin taane fi nufisiisaa ta'urra kan darbee fedhiin poolisonni ragolii kan dhiyessuuf qaban hojimaata badaa gama kanaan ragoliin yeroo bellamatti dhiyaatanii akka hin ragne gochuuraa kan ka'e galmeen yeroo dheeraaf lafarra akka harkifatuuf sababa ta'eera.

3.3.2.2.2. Ragolii Dhiyessuuf Tattaffii fi Hordoffii Gochuu Dhabuu

Ragoliin Abbaa alangaa qinda'anii guyyaa bellamaa jedhame irratti argamuun raguun murtii safisaa fi qulqulin qabu laachuun yoo barbachisee tattaffiini fi hordoffiin Abbaa alangaa hudna caala barbaachisaa dha. Abbaan alangaa teessoo ragolii beekudhaan hordoffii barbaachisaa dursee gochuudhaan guyyaa bellamaatti dhiyeessuu danda'uttu irra jira. Kun yoo hin taane garruu ragoliin kaka'umsa isaniitiin hin dhiyaatani.

Abbootin seeraa bayyeen akka dubbatanitti, gama kanaan tattaffiin abbaan alangaa godhu hin mullatu. Waraqaa waamichaa ragooli ga'u fi ga'u dhabuu, teessoo ragoolii beeku ragooliin guyyaa bellamatti dhiyaachuu fi dhiyaachu dhabuu dursanii mirkanefachuu fi kkf rawwachuun dhaddacha irratti hin dhiyaatu. Kun ammo ragooliin bellama irratti dhiyaatanii yeroon jecha laachuu nama hin dandenyeef umurtiin galmen tokko murtii itti argatu akka dheeratuf sababa ta'eera.

3.3.2.3. Himati Abbaa alangaa qulqulinaa fi ga'umsa dhabuu

Himatni ga'umsaa fi qulqulina qabua si'aahinaa fi haqa qabeessummaa deemsa dhagaha falmii yakkaa keessatti shoora qabaachu irra darbee turtii galmee hin barbaachifne illee hambisuuf gumaacha guddaa qaba. Kunis, himatni dhiyaatu ga'umsa fi qulqulina hin qabu yoo ta'e abbaan alangaa ykn manni murtii ykn himatamaan jijjiraa himatichaaf yaada

dhiyeessuu ni danda'a. himata jijjiruuf ammoo, bellama qabuudhaan dhagaya dhimma dabarsuun dirqama ta'a. bifa kanaan ga'umsa fi qulqulina dhabuun himata Abbaa alangaa murtiin yeroo gababatti akka hin laatamneef sababa ta'a.

Akka abbootiin seeraa tokko tokko jedhanittis, hojimaati badaan yeroo amma gama kanaan mullatu abbooti alangaa himata ifa hin taane dhiyeessuu, tarree ragaa seeraan barreessuu dhabuu, fi kkf waan rawwataniif bellama kan biraa qabuun dirqama akka ta'e dubbatu.

3.4. Hojimaata Badaa fi Qulqullina Galmee

Murtii haqa qabeessa ta'e murteessuun ergama manni murtii qabu bifa yaadameen galmaan ga'udhaaf qulqullinni galmee jiraachuun isaa kan wal nama gaafachiisuu miti. kanaafuu, manni murtii haala qulqullina qabuun murtee murteessudhaan amantaa ummataa horachuudhaafis ta'e gama hundaanuu bu'a qabeessaa ta'uuf qulqullina galmee irratti ilaalcha guddaa kennuun hunda caalaa barbaachisaa dha. Haaluma kanaan, akka naannoo keenyaatti galmeen murtii haala fi sadarkaa barbaadameen qulqulina akka hin qabanneef hojimaata badaan sababa ta'an ni mullatu. Kanneen keessaayis murtaasa isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

3.4.1. Itti Gafatamuummaa Abbootii Seeraa Baayyina Galmee Murta'uun Madaaluu

Yeroo ammaa manneen murtii nannoo keenyaa keessatti itti gafatamummaa abbooti seeraa mirkanessuuf toftaalee fayyadan keessaa akka isa tokkootti kan fudhatamee hojii irra oolaa jiru bayyina galmee abbaan seeraa tokko torbaniitti yookiin ji'atti murtessuu ta'uu isaa pireezidantonni tokko tokko ni dubbatu. Kanumaaf haala mijeessuuf jecha yeroo amma manneen murtii keessatti bayyinni galmee Abbaa seeraa tokkoon torbanii fi ji'a keessatti murta'uu qabu murta'ee jira. Haaluma kanaan, bayyinni galmee Abbaa seeraa tokkoon murta'uu ulaagaa ittigafatamummaan abaan seeraa sun ittiin mirkana'u ta'urra darbee guddina abbooti seeraaf akka safartuu tokkotti ilaalama.

Haa ta'utti garuu, adeemsi kun bayyina galmee (case backlog) hambisuu fi murtii saffisa ta'e argamsiisuuf gumaacha mataa isaa yoo qabaate illee qulqullina galmee irratti hordoffiin godhamaa jiru waan hin jirreef galmeen murtii qulqulina barbaadame akka hin

qabanneef sababa ta'eeraa. Kunis, abbootiin seeraa turban keessatti galmee isaan irraa eegamu murteessuuf tatafachuu qofa osoo hin taane abbooti seeraa kana caala murtessanii argamuuf carraaqu. Kun ammo, galmeen qulquliina barbaadameen akka hin murtofne gochuuf sababa guddaa ta'eera. Jechuunis, abbootiin seeraa bayyina galmee murteessan irratti malee qulqulina isaa irratti daran waan hin dhimneef gama kanaanis hordoffiin hagas waan hin jirreef adeemsi kun qulqulina galme irratti dhiibbaa uuma jira. Sababiin isaas, galmee keessa galnii yeroo fudhachuudhaan hin qo'atani. Akkasumas ragaa barbachisaa ta'ee argame ofiin barbaadanii murtii haqa qabeessa murteesuuf hagas mara hin dhimani, baratamni isaas hin jiru.

3.4.2. Galmee Wal Jala Fuchuu

Yeroo ammaa dhimma hariiros ta'e yakkaa keessatti galmeen erga banamee booda haga murti dhumaa argatuutti haalli hogansa isaa manneen murtii tokko tokko keessatti qulqulina galmee irratti hojimaata badaa badii geessisaa jiru keessaa isa tokko dha.

Galmeen tokko gara mana murtii dhufee erga banamee booda manneen murtii hundaa keessatti yoo jedhamuu baate illee manneen murtii tokko tokkoo keessatti hanga murtii argatutti sadarkaa galmichi keessa darbu adda addaa irratti abbooti seeraa adda addaan ilaallamaa jira. Kana jechuniis, fakkeenyaaf galmee tokko irratti abbaan seeraa tokko falmii duraa yoo gaggeessuu yeroo bellamaa kana biraatti ammoo Abbaa seeraa kan biraatu ragaa dhaga'a. abbaan seeraa kan biraan ammoo muttii dabarsa. Akka gaaffii afaanii pireezidantota manneen murtii tokko tokkoo wajjiin taasfineetti adeemsa kanaan fayyadamuuf akka sababaatti kan isaan kaasan rakkoo nama abbootin seeraa galmee irratti qabachuu danda'an furuufi.

Haa ta'uyyuu malee, murtii galmee irratti laatamu Abbaa seeraa irratti kan rara'u waan ta'eef adeemsi akkasii kun qulqulina galmee irratti dhibbaa guddaa kan geessisu ta'urra darbee itti gaafatamummaa abbootiin seeraa galmee irratti qabaachu qaban mirkaneessuuf gufuu guddaa ta'era. Kana malees, adeemsa akkasii kana fayyadamuun ajaja abbaan seeraa tokko galmee irratti laatu Abbaa seeraa kan biraan akka diigamu gochaa waan jiruuf gama kanaanis dhibbaa mataa isaa ni qabaata.

Fakkeenyaaf abbaan seeraa tokko ragaa Abbaa alangaa erga dhaaga'ee booda shakkamaan akka ofiirra ittisuuf ajaja yeroo adda birattii yeroo beellamu abbaan seeraa bellama boodaa

irratti galmicha ilaalu shakkaman ragaa Abbaa alangaa laatamen yakkamaa ta'u isaa kan shakkisiisu waan hin taaneef bilisa bahuu qaba jedhee murtessa.

Akkuma walii galtti, adeemsa hogansa galmee haala akkasii fayyadamuun gama tokkoon mirga himatamaa kan dhiibu yeroo ta'u gama biraan ammoo yakkamaan badii geesise addemsi seeraa sirriin kan hojiirra oolu uttu ta'e kan adabamuu malu bilisa akka ba'u isaa taasiisa. Kana malees, adeemsi akkasii kun qulqullina galmee irratti badii guddaa geessisa.

3.4.3. Ragaa Himataa fi Himatamaa Yeroo Adda Addatti Dhaga'uu

Adeemsa dhagaha dhimmaa yakkaas ta'e kan hariiroo hawwasaa keessatti ragaa himatamaas ta'e himataa dhagahuun adeemsa wal irraa hin citine dha. Kun ammoo, gareen wal falmaan lachuu ragoolii isaanii guyyaa jedhametti gutatanii akka dhiyaatan kan muli'isu dha. Kanaafuu, abbaan seeraas bakka kun hin taanetti bu'uura seeratiin kan eyyamameef irraa kan hafe ragolii gama lachuu yeroo adda addaatti dhaga'uu hin danda'u. ragaan himataa ykn himatamaa ykn ammoo ragaan gama lachuu wal buusanii kan dhiyaatan yoo ta'e deemsicha gaggeessuun qulqulina murtii irratti rakkina waan fiduuf mana murtii dabalatee qaamni dhimmi isaa ilaalu hundi ragootii hafan dhiyeessuf dirqama qaba.

Haa ta'uyyuu malee, yeroo ammaa gama kanaan adeemsi seeraa irraa maqee qulqulina murtii galmee irratti dhibbaa geessisaa jiru ragaa himatamaa fi himataa yeroo addaa adatti dhaga'uu dha. Dawwannaa dhaddacha hedduu irratti geggisine irraa hubachuu akka dandeenyatti abbootiin seeraa baayyeen keessattuu dhimma hariiroo irratti ragaan gutamuu isaa utuu hin mirkaneefatiin ragaa dhaga'utti waan galaniif boodarra ragaan gama tokkoo yoo hin jirre yeroo adda biraatti dhaga'uuf beelamu. Kana malees, ragaan gama tokko akka hin dhiyaafanne utuma beekanii ragaa dhufe dhagahanii akna hafeef yeroo adda biraatti dhaga'uuf beellamu. Kun ammoo, himatamaan ykn himataan raga isaa hin dhiyeefanne irratti miidha kan geessisu ta'urra darbee abbaan seeraa ragaa gama lachuunuu jiru sammuu tokkoon bifa madalawaa ta'een waan hin dhageenyeef ragaa gama lachuunu jiru haalan madalee murtii haqa qabeessa lachuuf kan rakkisu dha. Kanaafuu, adeemsi akkasii kun ___ gami tokko qofatti akka duufu godha.

3.4.4. Angoon Ala Dhimmoota Ilaaluu fi Seera Diigame Fayyadamuu

Yeroo tokko tokko keessattu sadarkaa mana murtii aanaa irratti angoo seeraan laatamen alal dhimoota tokko tokko ni jira. Kana malees, seeroota hojii irra jiranii fi kan diigaman addaan baasanii hubachuu dhabuu irraa kan ka'e seeraa diigameen murtii laachuun darbee darbee ni mullata.

3.4.5. Hojimaata Badaa Biroo Qulqullina Galmeen Walqabatan

Hojimaati badaan qulqullina galmee irratti dhiibbaa uuman kanneen armaan oli akkuma jirutti ta'ee qulqullina kana hubuuf kanneen armaan gaditti tarreefamanis shoorra mataa isani qabu.

- Abbootin seeraa dhimoota gadi fageenyaan qo'achuuf murtii haqa qabeessa laachuuf fedhii fi kaka'umsa dhabuu.
- Murtii yeroo laatan abbootiin seeraa haala rawwiif ifa ta'een waan hin laatamneef rawwiif rakkisaa ta'a. fakkeenyaaf, abbootiin seeraa murtii barreessaan irraatti of irraa baafannoon waan barreessaniif murticha rawwachisuufs ta'e dhimma ol iyyannoon ilaaluuf rakkoo dha.
- Akka qaajeelfama bu'uratti murtiin mana murtiin laatamu kan tilmaamamuu fi dhimma wal fakkatu irratti murtii wal fakkatu laalchu dha. Haata'utti yeroo ammaa abbootin seeraa ragaa madaaluu irratti dadhabina waan qabaniif dhimma wal fakkatu irratti murtiin garaa gara laatamu irraa kan ka'e murtiin dandeenye, kuns amantaa ummannii mana murtii irratti qabachuu qabu hubaa jira.

3.5. Hojimaata Badaa Dhimma ol-iyyannoo Waliin Mulatan

3.5.1. Hiikkaa fi Barbaachisummaa Ol-iyyannoo

Ol-iyyannoon sirna adeemsa seeraa keessaa isa tokko dha. Kunis kojii ol'iyyataan mana murtii ol'aanaati argameef ajajiin yookiin murtiin mana murtii gadi aanaattiin kenname akka irra deebi'amee ilaallamuuf yookiin akka geedaramuuf yookiin dhimmoo murtiin haarawaa akka kennamuf ittiin adeemamudha. Manni murtii ol'iyyannaan itti dhiyaatees ajaja yookiin murtii manna murtii jalaatiin kenname ilaaluun manni murtii jalaa dogogora ummu fi dogogora ummu dhabuu isaa kan mirkaneessu taha. Haaluma kanaan, yoo

dogogorii mana murtii jalaatiin raawwatame jiraate, manni murtii ol-iyyannoon dhiyaateef ajaj yookiin murtii kennamee akka sira'u ni taasisa. Dogogori mana murtii gadi aanaatiin rawwatame yoo hin jiranne manni murtii ol'aanaa ajaja yookiin murtii kenname kan mirkaneessuu taha.

Ibsa asii olii irraa hubachuun akka danda'mutti ol-iyyannoon dhimma murtii argate keessa deebi'anii ilaaluu dha. Kun jechuun garu dhimma murtii argate akka haarawaatti irra deebi'anii ilaaluu jechu mooti. Kana waan taheefis manni murtii ol'aanaa dhimmaa ol'iyyannaa ilaalu gaaffiiwwan tokko tokko irratti malee ragaa dabalataa ilaaluu hin danda'u.

Ol-iyyannoon mirgoota heeraan kennaman keessaa isa tokkodha. Heerri biyyatti kewwata 20(6) keessatti akka ibsutti himatamaan tokko ajaja yookiin murtii mana murtiitiinisa irratti kenname irratti mana murtii aangoo qabutti ol'iyyannaa dhiyeeffachuuf mirga qaba. Haaluma wal fakkaatun, heerrii naannoo Oromiyaas, mirga ol'iyyannaa akka asii gaditti mirkaneesseera.

> *Ajaja yookiin murtee nmanni murtii galmicha ilaalee kenne irratti himatamaan komii yoo qabaate ol'iyyata mana murtii aangoo qabutti dhiyeeffachuuf mirga qaba.*[58]

Kanaafuu, abbootiin dhimmaa murtii dhumaa mana murtii gadiittiin kenname irratti komii yoo qabaatani mana murtii ol'aanaa aangoo qabutti ol'iiyyachuuf mirga ni qabu. barbaachisummaan mirga ol'iyyaannaa kaas dogogori sababa adda addaatiin mana murtii gadi aanaatiin raawwatame akka sira'uf caraa kennudhaaf kan gargaaru tahuu isaati. Dogogori raawwatame garuu hanga tokko Abbaa dhimma ol-iyyannoo gaafatu irratti miidhaa geessisuun isaa mirkana'u qaba.

3.5.2. Haala Ol-iyyannoon Ittiin Dhiyaatu

Asii olitti akka ibsameti, abbootiin dhimmaa ajaja yookiin murtii mana murtiitin kenname irratti komii qaban mana murtii ol'aanaa aangoo qabutti dhiyeefachuf mirga ni qabu. mirgi ol-iyyannoo kun dhimoota sivilii irrattis ta'e dhimmota yakkaa irratti ta'u ni danda'a.

[58] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Labsii 46/1994, Magalata Oromiya, Labsii Lak. 46/1994, Kew 20(6)

Ol-iyyannoo dhimma sivilii irratti ka'un walqabatees, S/S/D/F/S, keewwata 320(1) akka ibsutti himataanis ta'e himatamaan murtii dhummaa dhimma sivilii irratti ol'iyyachuu ni danda'u. mirgi ol-iyyannoo kun hojii irra oluun dura garuu, manni murtii ajaja yookiin mirtii kenname ofumaaf sirreessuu, fooyyeessuu yookiin irra deebi'e qorachuu yoo danda'e filannoo kanatti osoo hin fayadamiin ol-iyyannoo dhiyyeessuun hin danda'amu.[59]

Gama biraatiin, ol-iyyannoo dhimma yakkaa irratti dhiyaatu ilaalchisee S/SD/F/Y, keewwata 181 keessatti akka ibsametti himatamaan murtiin yoo irratti kenname himatamaan akkasumas himatamaan yoo bilisa bahe yookiin yoo gadi lakifame, himataan ol-iyyannoo dhiyeeffachuu ni danda'u. haaluma ol-iyyannoon dhimma sivilii irratti dhiyaatutti. Dhimma yakka irratti ol-iyyannoon dhiyaatu manni murtii falmicha ilaalee murtii dhumaa irratti kenne irratti qofadha. Kanaafuu, ajaja fi murtiiwwan falmii keessatti murtiin dhumma kennamuun duraa kennaman irratti ol'iyyannaa dhiyeessuun hinda'amus. Fakkeenyaaf ajaja beelama irratti kennamu, ajaja moormii akkaataa S/S/D/F/Y keewwata 131 irratti kennamu akkasumas ajaj ragaa irratti kennamu sababa godhachuun ol-iyyannoo dhiheessuun hindanda'amu.[60] Yaa tahutii, himatamaan yoo bilisa bahe yookiin yeroodhaaf yoo gadi lakifamee ol-iyyannoon banamee, dhimoon kunniin ol-iyyannoodhaaf akka sababaati ka'u ni danda'u. [61]

Akkuma beekamu, akkaataa heera mootummaa biyyattitis tahee heeroota naannoowwaniiti, manneen murtii biyya keenyaa sadarkaa sadiin kan qodamaniidha. Isaanis, sadrkaa federaalaatti mana murtii sadarkaa jalaqabaa federaalaa, mana murtii ol'aanaa federaalaa, fi mana murtii waliigalaa fedraalaa yoo tahan sadarkaa naannootti immoo mana murtii aanaa naannoo, mana murtii ol'aanaa naannoo fi mana murtii waliigalaa naannooti. Haaluma kanaan, mootummaan naannoo Oromiyaas, heera biyyattii fi heera naannichaa bu'ura qodhachuudhaan mana murtii waliigalaa, mana murtii ol'aanaa fi manneen murtii aanaa hundeessera.[62]

---

[59] Madda Lak. 56, Kewt 320(1)

[60] Madda Lak. 56. Kewt 164

[61] Madda Lak. 51

[62] Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe 2000, Labsii Lakk. 141/2000 Magalata Oromiyaa Kewt.

Manneen murtii asi olitti ibsaman kunnin akkuma sadarkaa isaanitti dhimmoota adda addaa ilaaludhaaf aangoon kennamefira. Keessumaayyu, manni murtii ol'aanaa fi manni murtii waliigalaa dhimmoota ol-iyyannoo akka ilaalanii godhameera. Haaluma kanaan, murtii mana murtii aanaa tiin yoo kenname, ol-iyyannoon dhuyaachuu kan danda'u mana murtii ol'aanaatiif ta'a. murtii yoo mana murtii ol'aanaatiin kenname garu ol-iyyannoon mana murtii waliigalaatiiti dhihaata. Asi irratti kan hubatamuu qabu ol-iyyannoon akka mirgaatti ka'u kan danda'u yeroo tokko qofa. Kanafu, dhimmi mana murtii aanaa irratti ilaallame ol-iyyannoodhaan mana murtii ol'aanaatiin ilaallamee yoo akkuma jiruti mirkana'e kan booda ol'iyyachuun hindanda'amu. Yaa tahutii, manni murtii ol'ana dhimmichaa ol'iyyannodhaan ilaalee yoo murtii addaa kenne, ol'yyannoon mana murtii waliigalaatitti dhiyeffadachuun ni danda'ama.

3.5.3. Hojimaata Badaa Dhimma ol-iyyannoo Waliin Mullatan

Odeeffannoowwan manneen murtii Oromiyaa irraa argame akka mullisanitti, yeroo ammaa manneen murtii ol'aanaa fi manni murtii waliigalaa Oromiyaa baayyina dhimmota ol-iyyannootiin rakkachaati jiru. Kanumaan wal qabatee immoo dhimmoon kara mana murtii ol'aanaas ta'e mana murtii waliigalaati ol-iyyannoodhaan dhufan baayyinaan yoo jijjirraman ni mullatu. Rakkoowwan kanaaf kan akka sababaatti ka'uu danda'an keessaa hojimaata badaa qaamolee haqaa keessumayu waajira Abbaa alangaa fi mana murtii keessatti mulatan kaasuun ni danda'ama. Haaluma kanaan, hojimaata badaa gama kanaan mullatan akka asii gadii kanatti bakka saditti addaan qodne ilaluu ni dandeenya.

3.5.3.1. Hojimaata Badaa Waajira Abbaa Alangaa Waliin Walqabatan

Baayyina ol-iyyannootiif sababa kan ta'u danda'an keessa inni tokko hojimaata badaa waajiraalee Abbaa alangaa keessatti mullataniidha. Hojimaatilee kanneen keessaayis, rakkoowwan gugudoon kan asi gaditti ibsamaniidha.

Tokkoffaa qorannaa yakkaa siritti gadi fageenyaan qoratanii mana murtiitti dhiyeessuu dhabuu waliin kan walqabatuudha. Akkuma beekamu, hojimaata harawwaa yeroo ammaa ittiin hojatamaa jiru waliin, ragaa fi himatamaan al tokko akka dhiyaatu gochuun dhimma harkaa fi harkaa fi yakka adabii salphaa kan qaban qofa osoo hintahiin dhimmoota kaawwaniifis akka ittiin hojatamu godhamaatti jira. Kun immoo ragaan siritti osoo

hinqoratamin kara mana murtiiti waan dhufuu danda'uf manni murtii shakamaa bilisa akka baasuuf sababa ta'a. Yeroo kan immoo abbaan alangaa ol-iyyannoo waan dhiyyeeffatuf baayinna ol-iyyannootiif akka sababa tokkootti ka'u ni danda'a.

Lamaffaa dhimmta yakkaa irratti abbootiin alangaa sababuma gaha hintanneen ol-iyyannoo yoo banan darbee darbee ni mullata. Keessumaayyuu, abbootiin dhimmaa ol-iyyannoon akka gaafatamuf waan dirqisiisaniif qofa ol'iyyannaa dhiyeessuun ni mullata. Kun immoo baayyina ol'iyyannaatiif sababa ta'eera.

Sadaaffaa hojimaata harawwaa yeroo amma diriirrfameen abbaan alangaa fi poolisiin waliin akka qoratan yoo godheameeyyu ammas qorannoon yeroo baayyee poolisiidhaan adeemsifama. Gaheen Abbaa alangaa eeruu erga fudhee booda dhimmicha qorannoodhaaf kara poolisiitti akka darbuu gochuu fi isa boodas qorannaa poolisii mallateessee raggasisu qofadha. Kun immoo rakkina gahumsaa abbootiin alangaa qorannaa irratti qabaniin kan walqabatudha. Haaluma kanaan dhimma achumatti dhumuu qabu irratti yeroo himanni dhiyaatu ni mullata. Kun immoo manni murtii shakamaa bilisa akka ba'u waan taasisuuf ol-iyyannoodhaaf sababa ta'u ni danda'a.

Rakkoon inni biraa akka afiraffaatti ka'u danda'u immoo ilaalichaa abbootiin alangaa waajjira isaaniitii qaban waliin kan ka'udha. Abbootiin alangaa maqaa gaarii waajjira isanii eeguf qofa yeroon ol'iyyannaa banana ni mullata. Kunis hawwaasin maqaa waajirichaa akkuma hin baleesneef qofa ol-iyyannoo akka dhiyaatu waan godhuf baayyina ol'iyyanaatiif sababa ta'era.

3.5.3.2. Hojimaata Badaa Manneen Murtii Waliin Walqabatan

Asii olitti barbaachisummaan ol-iyyannoo dogogori mana murtii jalaatti raawwatame yoo jiraate akka sira'u gochuun akka tahe ilaallamun isaa ni yaadatama. Haala kanaan, ol-iyyannoon haqni mana murtii jalaatti jalate yoo jiraate sirressuuf kan fayyadu taha. Kara biraatiin, ol-iyyannoon itti gaafatamummaa abbootii seeraa to'achuf gargaaruu ni danda'a. kunis abbaan seeraa murtii kennu irratti dogogora raawwateef haala itti gaafatamuu danda'u kan ummudha.

Kutaa darbe keessatti ol-iyyannoon mannen murtii naannoo keenya keessatti akka baayyatu fi ol-iyyannoon manneen murtii ol-iyyannoo ilaalaniin baayinaan akka jijjirramu ilaallameera. Gama kanaan, akka sababaatti kan ka'u danda'an keessaa hojimaatilee badaa manneen murtii fi abbootii seeraa biratti mullatanidha. Isaan keessayis rakkoowwan gurgudoon kan arman gadii kaneen kaasun ni danda'ama.

Rakkoon inni druaa bilisummaa Abbaa seerummaa seeraan ala ittiin fayyadamudha. Bilisummaa Abbaa seerummaa seeraan ala ittiin fayyadamuudhaan abbootiin seeraa mana murtii jalaatis ta'ee kan ol'aanuni mullata. Kun immoo murtiin mana murtiitiin kenname tilmaamaa akka hin taane gochu irra darbee abbootiin dhimmaa murtii il'iyyannoo hin barbaachisne irratis akka il'iyyannoo dhiyeessan kara bannudhaan baayyina il'iyyannootiif sababa ta'era.

Rakkoon inni biraa immoo hojimaata harawaa manneen murtii keessatti diriiriffamaa jiru waliin kan walqabatudha. Yeroo ammaa ragaa fi himatamaan ol tokko mana murtiitti akka dhiyaatan gochuu dhimma harkaa fi harkkaa irratti qofa osoo hin ta'iin dhimmoota kawwaniifis akka hojatu godhamaati jira. Kun immoo manni murtii dhimmicha sirritti osoo hinqoratiin ariittiidhaan murtii akka kennu godhu kan danda'udha. Kana jechuun immoo ol-iyyannoodhaaf kara banuu waan ta'eef baayyina ol-iyyannootiif gumaacha isa kan godhudha.

Sababin akka baayyina ol-iyyannootiif dhiyaatu inni biroo immoo dhabiinsa qulqulina gameetiin kan walaqabatudha. Baayyina galmee fi rakkoowwan adda addaa irraa kan ka'e qulqulina galmeetiif cinqamuu dhisuun darbe darbe ni mulata. Kun immoo abbaatiin dhimma murtii haqaa argachuuf ol-iyyannoodhaan kara mana murtii ol'aanuti akka deeman isaan kan taasisudha.

Rakkoon inni biraa immoo dhabiinsa to'anna galmee waaliin kan wal qabatu dha. Akka armaan olitti ibsametti faayidaan ol-iyyannoo keessaa inn tokko itti gaafatamummaa abbooti seeraa mirkaneessuu dha. Kunis kan ta'u Abbaa sera mana murtii jalaatti haqa dabse haala ittin gaafatamuu danda'u umuudhaan.

Haa ta'utti, qabatamaan akka mullatuti, ol-iyyannoodhaan murtii mana murtii jalaatiin dogograan murt'e sirressuu irra darbee abbaan seeaa mana murtii jalaatti haqa dabsee haalli ittiin gaafatamu hin jiru. Kuis baayina ol-iyyannootiif karaa kan banudha.

3.5.3.3. Hojimaata Badaa fi Rakkolee Biroo dhimma ol-iyyannootiin Qalqabatan

Hojimaata badaa waajiralee abbootii alangaa fi manneen murtii ol-iyyannoodhaaf akka sababaatti ka'an alaas, hojimaatile badaa fi rakkoowwaan biroo baayyina ol'iyyaataatiif sababa ta'u danda'an kaasuun ni danda'ama.

Rakkoon gama kanaan ka'uu danda'u keessaa inni tokko ilaalicha hawaasa keessa jirun kan walqabatudha. Yeroo baayyee akka mullatutti, hawaasin keenya dhimmuma xiqoofis jedhee hanga mana murtii ijibaatatti yeroo dedebi'u ni mulata. Kun immoo xiqqii fi mo'amu jibbu irraan kan ka'u ta'us baayinna o'iyyannootiif sababa ta'eera.

Rakkoon inni biraa immoo amantaa haawaassin manneen murtii irratti qabu waliin kan walqabatudha. Baayyinni ol-iyyannoo gama tokkoon amantaa hawaasin manneen murtii irratti qabu gadii aanaa ta'uu isaa kan mullisudha. Kanaaf jecha hawaasin hanguma ol-iyyannoodhaan karra mana murtii ol'aanutti deemetti haqaa waan argatu itti fakkaata. Ilaalichi akkanaa kun immoo baayyina ol-iyyannootiif sababa kan tahudha.

Baayyina ol-iyyannootiif sababa biraa kan ta'uu danda'u immoo rakkoo jijjirrama murtii ol-iyyannoo waliin kan walqabatudha. Ol-iyyannoodhaan dhimmoon kara mana murtii ol'aana fi mana murtii waliigalaatti dhufan yeroo baayyee sababa gahaa malee akka jijjirrama asii olitti ibanuun isaa ni yaadatama. Hawaasin immoo kana waan hubateef murtii mana murtii jalaatti kenname jijjirsiisu abdi godhachuun il'iyyanno akka gaafatu taasiseera.

Rakkinii inni akka dhunmaatti ilaallamuu danda'u immoo walitti bu'insa kara mana murtiitiin ala hikun balinaan irratti hojatamuu dhabuu waliin kan walqabatudha. Akkuma beekamu walitti bu'insii mana murtiin alaas filannoowwan adda addaatiin haalli waligalteetiin hiikkamuu ni dada'a. haa ta'uttii, filannoowwan kunnin ballinaan waan hindiriireef hawaasin kara mana murtiiti akka deemu fi komii qabu kara manneen mrutii

ol'aanutti ol-iyyannoodhaaf akka dedebi'uf karaa baneera. Kun immoo baayyina ol'iyyannotiif akka sababa tokkotti ka'uu kan danda'u dha.

3.6. Hojimaata Badaa fi rawwii Murtii

Murtiin mana murtiin dhimma hariiroos ta'e dhimma yakka irratti laatamu bifa barbadameen yeroo barbadme kessatti hin raawwatu tanaan manni murtii akka qaama mootummaa tokkootti ergama isaa baheera jechuuf kan nama rakkisuu dha. Kanaafuu, manni murtii kayyoo hundeefama isaatii galmaan gahuuf mmurtiin mana murtiin laatamu qixa barbadameen rawwachuu qaba. Kana ta'uu bannaan garuu amantaan ummannii mana murtii irraa qabachuu qabu dhabamsiisuu irra darbee kayyoo dhabata manneen murtiidhumayyuu akn gaffaii keessa galchu ta'a.

Rawwii murtii mana murtii tokko galama galma barbadameen gahuuf gumaachi kan irraa eegamu mana murtii murticha dabarse qofa irraa osoo hin taane hirmannaa qamolee haqaa biros kan barbadu dha. Keessattuu gaheen manni murtichaa qabaachuu qabu akkuma jirutti tahee gumaachi wajjirri poolisii fi bulchiinsa gandaa hundaa ol murteessa dha.

Egaa ka'umsi keenya hojimaata badaa dhimma kanaan wal qabatee manneen murtii keessatti mula'atu ilaalu waan ta'eef dhimma rawwii murtii manneen murtii nannoo Oromiyaa ilaalchisee murtiin mana murtii tokkoon laatamu qixa barbadameen yeroo barbadame kessatti akka hin rawwaneef hojimanni seera irra maqee rawwatu duchadhumatti hojimanni badaan adda addaa armaan gaditti tarrefaman sababoota gurguddoo ta'uu isaanii gaffii afanii abbootii seeraa fi abbootii alangaa nannuchaa wajjin rawwanne irraa hubachuu dandeenyeerra. [63]

- Manni murtii qixa seeraan dhimmaa rawwii hariiroo hawwasaa ilaalchise seeraan angefameen rawwachuu dhabuu:- Bu'uura yaada seera adeemsa falmii hariiroo hawwaasaatiin qaamni murtiin irratti murta'e murticha rawwachuuf ga'umsa qabeenyaa utuu qabuu yoo hin rawwatiin hafe manni murtii qaama sana irratti adabii

[63] Fakkenyaaf, Obo. Ashanafii Tasfayee, Abbaa Seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Shawaa Bahaa, Adde Rayidaa Ali, Abbaa Seeraa Mana Murtii Aana Haramyaa, Ob. Bojaa Tadasaa, Abbaa Seeraa Mama Murtii Arsii Asallaa.

hidhaa hanga ji'a jahaatti adabuu ni danda'a.[64] haa ta'u iyyuu malee, yeroo ammaa manneen murtii keessaatti murtiin mana murtiin laatame yoo rawwachuu dhabe manneen murtii angoo seeraan angefame kana fayyadamuu osoo qabuu yeroo baayyee qaamni murtichi murta'eef gaffii rawwii murtii yeroo dhiyeessu "dhaqii wajjira polisiitti iyyadhu" yeroo jedhan mul'atu. Manni murtii haala kanaan angoo seeaan angefame kana fayyadamuu dhisuu isaa irraa kan ka'e yeroo ammaa ummata biratti yaadni "himatamuu irra himachuu wayya" jedhu bal'inaan mulachaa jira.

- Rawwii murtiif adeemsa ifa ta'e murtii keessatti lachuu dhabuu fi murtii al tokkotti laatamuu qabu adda addaa kutanii murteessuu.

- Adeemsa seeraan al rawwiin murtii rakkoo tokko osoo hin qabatiin ta'e jedhanii ajaja dhorkaa rawwii murtii laachuu.

- Dhimma hariiroo hawwasaa ilaalchisee bu'uura seeran ol ka'ameen rawwii murtii murtii mana murtiin laatame qaamni itti gafatamummaa fudhachuun abbummaan hordoffii godhu dhabamuu.

[64] Seera Adeemsa Falmii Hariiroo Hawwasaa Mootummaa Federalawa Itoophiyaa, Neegariit Gaazexaa, Labsii Lak. 3/1965. Kewt. 389

Boqonnaa Afru

Guduunfaa fi Yaada Furmaataa

4.1. Yaada Gudunfaa

Kenninsa tajaajila haqaa keessatti hojimaan gariin akka dagaagu gochuun ol'aantummaa seeraa kabachiisuuf akkasumas amanta hawaasa horachuuf baayee barbaachisaadha. Hojimaata gariin kenninsa tajaajila kemiiyyuu keessatti haala itti gaafatamummaa mirkaneessuun, ol'aantummaa seeraa dhogoomsuun akkasumas adeemsa iftomina qabun hojii irra olchuun kan ibsamuudha. Waan kana taheefis qaamn tajaajila hawaasa kennu tokko muudama yookiin taayitaa tajaajila ummataatiif itti laatamu haala dudhalee hojimaata gariin hojii irra olchuu qaba. Kun jechuniis tajaajila kamiyyuu imaanaa kennameef dantaa isaatiif yookiin dantaa nana biraa eeguf hojachuu irraa of qusachuun faayidaa hawaasaatiif qofa hojachu kan gaafatudha.

Akka waliigalaatti, adeemsi kenninsi tajaajila gariin ala kan ta'u sababa gurguddoo lamaan tahu ni danda'a. sababiin inni duraa aangoo yookiin imaanaa tajaajila ummataaf itti laatame haala seeraa qabeessa taheen itti fayyadamuu dhabuu (abuse of power) yoo thau sababin inni kan lamataa immoo aangoo kennameef ala fayyadamuu (ultra Virus) tahu kan danda'udha. Haalleewwan lachuu aangoo kenname akkaataa seeraatti ittiin fayyadamuu dhabuu irraa kan maddan yoo tahu hojimaan akkaasii kun hojimaata badaa qamolee adda addaa keessatti mullataniif sababa kan tahudha.

Tajaajila qululina qabu laachuufis ta'e hojimaataa garii dhogomsuf dudhaaleen gutmu qaban keessaa aangoo daangaa seeraan kaawwanme keessaa osoo hin bahin fayyadamu, murtii laatamu kamifuyyuu sababa ga'a fi amansiisa ta'e irratti hunda'uu, tajaajila qulqulina qabu fi ga'aa ta'e yeroo gababa keessatti tajaajilamaaf laachuu, iftooma qabaachuu, hojetaa waliin hojjetaniifis ta'ee tajaajilamtootaaf ilaalcha garii qabaachuu, ol'aantummaa seeraa kabajuu fi itti gaafatamummaa guutuun raawwachuun adda dureen kan kanaiidha.

Akka waliigalaatti, toftaalee hojimaata badaan ittiin mullachuu danda'an keessaa ol'aantummaa seeraa kabajuu dhabuu miira itti gaafatamummaan tajaajila laachuu dhabuu fi tajaajili ummataa haala iftomina qabuun laatamu dhabuun kanneen hangafoota.

Ol'aantummaa seeraa yoo jedhamu, raawwiin nama dhunfaanis tahe qaama mootummaan raawwatu bu'ura seeraa qofaan akka raawwatamu gochuu kan gaafatu yoo ta'u namni kamiiyyuu sala, taayta, ilaalcha ummata keessatti qabu, amantii fi kkf yaada keessa utuu hin gaafatamummatiin hojichuu yoo jennu dirqama hojetaan tokko ulaagaalee fi safartuuwwan qajeelfama qaama isa hoganuun dursee tumame kabajuuf qabu kan muli'isu yoo tahu dabalataanis itti gaafatamummaa seeraaf akkasumas samuu isaaf qabu kan of keessatti qabatudha. Tajaajila iftoma hin qabne laachuun immoo adeemsa qaamnini mootummaa ummataaf tajaajila laatu keessatti dhimma fedhiin ummataa keessa jiru irratti murtee yeroo dabarsuu bifa ummanni yookiin tajajilamaan maalumaa fi adeemsa murtichii itti darbee beekuu danda'u mijeessuu kan ibsudha. Dhimoon kunnin haala tokkonis tahe haala biraatiin heera mootummaa federaalaa Itoophiyaa keessatti ibsamaniru.

Akkuma beekamu sirna dimokraasii tokko keessatti ol'aantummaa seeraa dhugomsuudhan murtii haqa qabeessa ta'e laachuuf hundaa caala imaanaa kan fudhatu qaamolee haqaati. Kana waan ta'eefis, qaamoleen haqaa haala hojimaata badaa irraa bilisa taheen tajaajila qulqulina qabu kennutu irraa eegama. Haaluma kanaan, ol'aantummaa seeraa kabajuu fi kabachiisuu keessatti shoorri qaamoleen haqaa qaban ol'aanaadha. Akkasumas, qaamoleen haqaa tajaajila iftooma qabu haala itti gaafatamummaa qabun kennudhaaf imaanaa guddaan itti kennameera. Imaanaa irratti gatamee kana immoo haala barbaadameen hojii irra olchuun amantaa hawaasaa horachudhaaf gahee ol'aana kan tabatudha.

Kara hojimaata badaa manneen murtii fi waajjira Abbaa alangaa naannoo Oromiyaatti yoo dhufnu, hojimaataa badaa qabatamaan mul'atan iddoo gara garaatti addaan kutuudhaan ilaalun ni danda'ama. Haaluma kanaan, hojimaatilee badaa gama kanaan mullatani hojimaata badaa naamusa waliin wal qabatan, qorannoo yakkaa fi hojimaata badaa, hojimaata badaa fi murtii safisa laachuu, hojii mata badaafi qulqulina galmee, hojimaata badaa fi ol-iyyannoo akkasumas hojimaata badaa fi raawwii murtii jechuun adda addatti hiruun ilaaluun ni danda'ama.

Hojimaata badaa naamusa waliin walqabatan yoo ilaallu naamusin amantaa ummanni manneen murtii fi waajjira Abbaa alangaa irratti qaban qabu cimsuuf wontoota gumaacha godhan keessaa isa hangafa. Kanaafuu, oggeessonni hojii Abbaa seerummaa fi Abbaa

alangummaa hojetan hundi naamusa ogummaa sanaaf barbaachsiuu horachuutu irraa eeggama. Dhimma kanaan walqabatee, raakkoowwan manneen murtii naannoo Oromiyaa keessattii mul'atan keessaa, bilisummaa guutuudhaan muriti murteessuu dhabuu, alloogummaan hojechuu dhabuu, beellama baayyisuu, dhadhacha ifa ta'etti hojechuu dhabuu fi sa'a hojii kabajuu dhabuun abbootii seeraa isaan hangafoota. Kara naamusa Abbaa alangummaatiin immoo, bilisummaa ogummaa gutuun hojachuu dhabu, loogiin hojechuu, sababa gahaa malee dhimmoota lafarra harkiisuun darbee darbee ni mul'ata.

Gama qorannoo yakkaatiin wal qabatee hojimaatileen badaan qaamolee haqaa keessatuu waajjiraalee Abbaa alangaa fi waajjiraalee poolisii keessatti mula'tan keessaa adeemsa qorannoo yakkaa keessatti qoratoon poolsii fi abbootii alangaa akka yaadameetti waliigalteen hojachuu dhabuun ni mul'ata. Kana malees, ragaa miliqisuun, dhimma yakkaa godifageenyaan qorachuu dhabuun, akkasumas sababa adda addaatiin qorannaa lafarraa harkiisuun darbee darebee ni mul'ata.

Murtii safisaa laachuu waliin walqabatee hojimaan badaan manneen murtii fi waajjiraalee Abbaa alangaa Oromiyaa keessatti mullatan yoo ilaallu, haalli waamicha himatamaaf godhamu dheeraa fi walxaxaa tahuu, sirna beellamaa kabajuu dhabuu, dhimoota sababa gahaa malee laferra harkisuu ni mullata.

Hojimaata badaa qulqulina galmee waliin walqabatan ilaalichisee immoo akkuma beekamu manni murtii haala qulquina qabuun murtii laachuun amantaa ummaataa horachuu qaba. Yaa tahutii sadrkaa barbaadameen qulqulinni galmee murtii akka hin eegamneef sababa tahuu kan danda'an hojimaatilee badaan tokko tokko jiraachuu ni malu. Kanneen keessayis qulqulina galmee murtii irra baayina galmee murtii irrattii xiyyeeffannoo kennuu, galmee wal jala fuchuu, ragaa himataa fi himatamaa yeroo adda addaatti dhuga'uu, aangoon ala dhimoota ilaaluu, dhimmoota gadi fageenyaan qorachuu fi murtii haqa qabeessa tahe laachuu dhabuu, dhimmoota walfakkaatan irratti murtii gara garaa laachuu murtii haala ifa taheen keennuu dhabuun abbootii seeraa naanichaa biratti ni mul'ata.

Kara hojimaata badaa dhimma ol-iyyannoo waliin mul'atanitti yoo dhufnu yeroo ammaa dhimmoon ol-iyyannoon kara manneen murtiitti dhufan baayyachaa akka jiran hubatamera. Baayyina kanaaf immoo hojimaatileen badaan manneen murtii fi waajira

Abbaa alangaa akka sabaatti ka'u ni danda'u. kannen keessayis gama waajjira Abbaa alangaatiin, qorannaa siritti gadifageenyaan qoratanii mana murtiitti dhiyeessu dhabuun shakkamaan bilisa yoo bahu oliyyachuu, sababa gahaa malee ol-iyyannoo gaafachuu, himata qulqulina hinqabine dhiyeessuu fi ragaa gutuu dhiyeessuu dhabuun rakkoowwan gurguddoo dha. Kara hojimaata badaa manneen murtiitin immoo bilisummaa Abbaa seerummaa seeraan ala ittiin fayyadamun murtii mana murtiittiin kennamu tilmaamamaa akka hintanee fi baayyina ol-iyyannootiif sababa tahu, dhabiinsa qulqulina galmee murtii, dhabiinsa to'aannaa galmee fi murtii ol-iyyannoon akka barbaadanitti sababa gaha malee jirjiruun kan akka hojimaata badaatti ka'u danda'aniidha.

Dhimmi hojimaata badaa inni akka dhumaaatti ka'u hojimaata badaa raawwii murtii waliin walqabatudha. Murtiin mana murtiitin kenname yeroo gababaa keessatti akka hin raawwatameamneef sabab tahu kan danda'an keessaa hojimaan badaan nammeen mrutii naannichaa keessatti mullatan keessumaayyuu, manni murtii raawwii murtii hariiroo hawaasaa irratti akkaataa seeraan angeffameen raawwachu dhabuu, raawii murtiif adeemsa ifa ta'e murtii keessatti laachuu dhabuu, murtii addaan kukutanii laachuu, sababa gahaa malee dhorkii rawwii kennuu fi dhabiinsi qama rawwachisaa dhimma hariroo hawassa akka hudhaatti ka'u kan dand'anidha.

4.2. Yaada Furmaataa

4.2.1. Yaada Furmaata Manneen Murtii Ilaallatan

1. Bilisummaa Abbaa Seerummaa

Bilisummaan Abbaa seerummaa heeraan mirkana'e qabatamaan hojii irra akka olu akkasumas abbootiin seeraas tahe hogantootni manneen murtii akkaataa seeraatiin bilisummaa Abbaa seerummaa hojii irra olchuu isaanii mirkaneessuun barbaachisaadha. Kessumaayyuu, abbootiin seeraa bilisummaa Abbaa seerummaa dahoo godhachuun seerraan ala akka ittiin hinfayyadamne gochuun hunda caala irratti hojatamuu qaba. Haaluma kanaan hubannoo abbootii seeraa fi hoganitoota manneen murtii cimsuun akkasumas jijjirama ilaalacha abbootii seeraa fi hogntoota mam murtii fiduun murteessaadha. Kanaafuu abbootii seeraa fi hognatoota manneen murtii sadrkaa adda addaa irra jiran leenjii itti fufinsa qabu qindeessuudhaan ilaalcha abbootiin seeraas tahe

hogantootni mannen muetii bilisummaa Abbaa seerummaa irratti qaban jijjiruun fi akkaataa seeratti akka hojii irra olu taasisuun hunda caala xiyyeeffannoon itti kennamuu qaba.

2. Yaada Furmaataa

Abbootii seeraa naamusa garii qaban fi itti gaafatamummaan gahee fi eergama isaanii bahan horachuun barbaachisaadha. Kana cinaatis hojetootni deegarsaa tajaajila adda addaa keennaanis tajaajila safisana qabu akka kennaniif dandeetii fi naamusa isaanii yeroodhaa kara yeerootti oli gudddisuun xiyyeeffannoo itti kennamuu qaba. Haaluma kanaan leenjiin dhimma naamusaa irratti gadi fageenyaan fi haala itti fufinsa qabun kennuun barbaachisaadha.

3. Safisna Kenninsa Murtii

Murtii safisaa ta'e kennuu keessatti adeemsa walxaxaa fi dheeraa tahee hambisuun murtiin safisaan akka kennamu gochuun dhimma bal'inaan irratti hojatamau tahu qaba. Bellama hin barbaachisne kennuudhaan dhimmi hatatamaan murtii argachuu qabu lafarra akka hin harkifanne gochuuf akkaataa akaakkuu dhimmaatti yeroo murta'e keessatti dhimmi kara mana murtiitti dhufe akka murtii argatu karorifachuu fi kanas qabatamaan hojii irra olchuun xiyyeefannoo manneen murtii kanbarbaadudha.

4. Qulquluna Galmee

Qulqulin galmee sababa adda addaatiin jiraachuu dhabuu ni danda'a. keesumaayyuu baayyin galmee abbootii seeraatiin murtaa'u akka madaallitti fudhatamuu, ragaa addaan kukutuu, galmee wal jala fuchuu fi dhimmoota gadifageenyaan qorachuu dhabuun akka sababaati ka'u kan danda'anidha. Kanaafuu, haala qulqullin galmee eeggamuu danda'u akkasumas haala qorannaa galmee fi madallii ragaa irratti leenjiin itti fufinsa fi bal'ina qabu kennuudhaan murtiin mana murtiittin kennamu akka qulqulina qabaatuu fi murtiin kennamu tilmaamamaa akka tahu gochuun xiyyeeffannoo guddaan itti kennamuu qaba.

5. Ol'iyyanoo

Akkuma barreefama kana keessatti ibsameetti ol-iyyannoon dogogora mana murtii jalaatiin raawwatame sirreessuuf dabalataaniis itti gaafatamummaa abbootii seeraa mirkaneessuuf gargaaruu kan danda'udha. Yaa tahutii yeroo ammaa qabatamaan dhimmoon ol-iyyannoodhaan kara mana murtii naannichaatti dhufan baayyachuu irra darbanii gadifageenyaan osoo hin qoratamiin akka jijjirraman odeeffannoo argame irraa hubatameera. Rakkoo kana hiikuuf immoo dhimmi kara mana murtiitti dhufu gadi fageenyaan qoratamee murtiin qulquliina qabu akka kennamu gochuun akkasumas hawaassiin hubannoo seeraa akka argatu fi walitti bu'insa ummamu kara mana murtiitiin alaas akka hiikkamu gochuun barbaachisaadha.

6. Raawwii Murtii

Murtiin mana murtiitiin laatame yeroo gababaa keessatti raawwatamu qaba. Yaa tahutii, qabatamaan yoo ilaallamu raawwiin sababa adda addaatiin yoo lafarra harkifatu ni mul'ata. Rakkoo kana hiikuf walitti dhufeenyi qaamolee dhimmi ilaallatuu keessaumayuu, waajjira poolisii fi bulchiinsa gandaa waliin jiru akka cumu gochuun ajaajjiin murtii lafarra osoo hin harkifamiin akka hojii irra olu gochuun barbaachisaadha. Kanaan walqabatee raawwi murtii dhimma hariiroo hawasaa keessatti rakkoon inni guddaan qamin murtii raawwachisu seeraan kan hunda'e dhabamuu isaati. Kanaafu, kara fulduraati qaamin murtii hariiroo haawaasa raawwachisuu danda'u akka qaama mana murtiitii seeraan hunda'u qaba.

7. Madaallii Haala Hojimaata Abbaa seerummaa

Haalli hojimaatan Abbaa seerummaa yeroodha yerootti ittin madaallamu seeraan bahee hojii irra olu qaba. Haaluma kanaan madaalliin abbootii seeraas tahe hojiin mana murtii haala iftomina qbuun akka adeemsifamu gochuun akkasumas ulaagaleen madaallii Abbaa seerumma leenjii adda ddaatiin abbootii seeraatiif akka ifa t'an gochuun barbaachisaadha.

4.2.2. Yaada Furmaata Waajjira Abbootii Alanga Waliin Walqabatan

1. Naamusa Abbootii Alangaa

Abbootiin alangaa tajaajila ogummaa Abbaa alangummaa haala itti gaafatamummaa qabun kennuu qabu. keessumayyu, dudhaalee naamusa Abbaa alangummaa akka balinaan hojii irra olaan gochuudhaan abbootiin alangaa logii adda addaa irraa bilisa tahun tajaajila barbaadamu akka kennan gochuun barbaachisaadaa. Kaayyoo kana galmaan gahuf immoo abbootiin alangaa leenjii gadifagenya qabu fi itti fufinsa qabu akka argatan godhun akkasumas foya'insa jiru yeroodhaa kara yerootti ilaalu ffurmaata barbaachisa fudhachuun keennisa tajaajila Abbaa alangummaa galmaan gahuuf gahee ol'aanaa tabata.

2. Qorannaa Yakkaa

Rakkoon gama qorannaa yakkaatiin mula'tu inni tokko abbaan alangaa fi poolisiin hanga yaadametti waligalteen hojachu dhabuu isaaniti. Kana maees, adeemsa safisa falmii yakkaa irratti dhimma sirriiti soo hin qoratiin mana murtiif dhiyeessuun ni mul'ata. Kanaafuu, rakkoowwan gama kanaan mul'atan hiikuf dhimma qorannaa yakkaa irratti leenjii adda addaa kennuudhaan qorannaan yakkaa akkaataa casseeffama harawaa hojii irra oleen akka raawwatamu gochuun barbaachisaadha. Dabalataanis, dhimma yakkaa irratti qorannaan osoo kara mana murtiitti hindhufiin siritti akka qoratamu taasisun dhimma xiyyeffana adda itti kennamu tahu qaba.

3. Qulqulina Galmee

Dhimmi yakkaa gadifageenyaan qoratamee kara mana murtii dhufuun isaa murtii safisa fi qulqulin qabu keenuu keessatti shoora ol'aana kan qabudha. Leenjii adda addaa kennuudhaan abbootiin alangaa fi poolisootn dandeetti qorannaa irratti qaban cimsuun akkasumas qorannan yakkaa meeshaalee hammayyaatiin akka deeggeramu gochuun qulqulinaa galmeetiif gumaacha isaa akka godhu taasiisuun barbaachisaadha.

4. Murtii Safisa Qabu Kennuu Irratti

Murtii safisa qabu laachuu keessatti hojimaata badaan gama waajjira Abbaa alangaatiin mul'atan fooyyeessun barbaachisaadha. Kannen keessaayis, galmee qoratanii yeroon gara

mana murtiiti fiduu dhabuu, ragaa yeroon dhiyeessuu dhabuu akkasumas himanni Abbaa alangaa qulqulina fi gahumsa dhabuun darbee darbee ni mul'ata. Rakkoowwan kenneen hiikuf immoo to'annaan yeeroodhaa yerootti godhamu qaba. Kana maees, abbootiin alangaa fi poolisoon waligalteedhaan akka hojataan godhuun barbaachisaadha. Dhabaltaanis leenjii adda addaa kennuudhaan dandeetti fi ogummaa abbootii seeraa fi poolisoota qoratootaa cimsuun barbaachisadha.

TARREE KITAABBOOTAA FI BARREEFAMOOTA WABII

I. Kitaaboota

- N.K.Jaykumar *2005) administrative law, University of kerla
- H.W.R.Wade (2008) Administrative law, 5th end, England.
- Solomon Abay (2002)Principle for delivery of public service, Addis Ababa University
- Rt. Lord Enning, The due process of law, London, Butter wort
- Jhon lock The capable manager and managing power
- M.Boven (2006) Analyzing and assessing puplic Accountability
- Mark Tuner and David Hulme (1997) Governance, Administration and development making state to work, New York
- …… (2002) Reforming public institution and strategic governance, management Network: a world Bank Strategy, Washington
- Aharan Barak, Justice in democracy, preceptor University London.

II. Seera fi Mddeewwan Gara Garaa

- Heera Mootummaa Federalawa Itoophiyaa, Negaarti Gazexaa Labsii lak. 1/1995.
- Seera yakka mootummaa federalawa Itoophiyaa, Negaarti Gazexaa, Labsii lak. 414/2001
- Danbii namusa abbooti seeraa kan foya'ee bahe, magalata Oromiyaa, labsii lak. 1/95

- Wixinee jalqabaa namusa Abbaa alangumaa
- Seera adeems falmii yakkaa mootummaa federalawa Itoophiyaa, negaarti gazexaa labsii lak.
- Heera mootummaa naannoo Oromiyaa magalata Oromiyaa labsii lak. 46/1994.
- Labsii manneen murtii irradebi'anii hundeessuuf bahe. Magalata Oromiyaa labsii lak.
- 141/200.

Taree Namoota Gaaffii Afaanii Deebisanii

1. Laggasaa Biraasa, A/A/, Qajeelcha Haqaa Kibba Lixaa Shawaa, 08/08/2001
2. Tsagaayee Nagaasaa, A/A, Qajeelcha Haqaa Kibbaa Lixa Shawaa, 08/08/2001
3. Dachaasaa Bittimaa, Wajjira Polisii Kibbaa Lixaa Shawaa, 07/08/2001
4. Mokoonnin Kudhaamaa, A/Seeraa, M/Mutii Kibbaa Lixaa Shawaa, 08/08/2001
5. Shifarawu Alamuu, Wajjira Poolisii Kibbaa Lixaa Shawaa, 08/08/2001
6. Diribaa Baqqalaa, A/A, Q/Haqaa Kibbaa Lixaa Shawaa, 14/08/2001
7. Obbo Rajaab Usmaan A/A/, Q/Haqaa Kibba Lixaa Shawaa, 14/08/2001
8. Tasfaayee Tafarraa, Wajjira Poolisii Kibbaa Lixaa Shawaa, 14/08/2001
9. G/Mikaa'el Gammadaa, A/Seeraa, M/Murtii Kibbaa Lixaa Shawaa 14/08/2001
10. Asaminawn Abdisaa, Wajjira Poolisii Kibba Lixaa Shawaa 12/08/2001
11. Mulugeetaa Lammaa A/A, Q/Haqaa Kibba Lixaa Lixaa Shawaa 13/08/2001
12. Dasaalany Galataa, A/Seera M/Murtii Kibba Lixaa Shawaa, 13/08/2001
13. Mahammad Ziyaad, A/A/ Q/Haqaa Harargee Bahaa, 21/08/2001
14. Aashaa Amiinee A/Seeraa M/Murtii Harargee Bahaa, 20/08/2001
15. Riyaad Alii A/Seeraa M/Murtii Harargee Bahaa 22/08/2001
16. Aliyii Ahimad A/A/Q/Haqaa Harar Bahaa, 21/08/2001
17. Girmaa Baqqalaa, Wajjira Poolisii Harargee Bahaa 21/08/2001

18. Ibrahim Huseen A/A Q/Haqaa Harargee Bahaa, 21/08/2001
19. Alamuu Waamii, A/A/Q/Haqaa Harargee Bahaa, 20/08/2001
20. Jabeessaa Koorsaa, Wajjira Poolisii Harargee Bahaa, 20/08/2001
21. Chuchuu Baayilayee, A/Seeraa M/Murtii Harargee Bahaa 20/08/2001
22. Baqqalaa Hirphaa A/A/Q/Haqaa Harargee Bahaa, 20/08/2001
23. Dajanee Kiflee A/Seeraa M/Murtii Arsii Asallaa 08/08/2001
24. Lammoo Jogaa A/Seeraa M/Murtii Arsii Asallaa 08/2001
25. Mohammad Ahmed A/Se/M/Murtii Arsii Asallaa 08/08/2001
26. Ganna Haymiid A/A/Q/Haqaa Arsii Asallaa 09/08/2001
27. Badhadhaa Tulluu Leenji'aa Qajeelcha Haqaa Arsii Asallaa 10/08/2001
28. Hayiluu Tadasaa Wajjira Poolisii Arsii Asallaa 14/08/2001
29. Gizaaw Baqalaa A/S/M/Murtii Arsii Asallaa 15/08/2001
30. Gammachuu Fayyoo A/A/Q/Haqaa Arsii Asallaa 14/08/2001
31. Mallasaa Abaynee, A/A/Q/Haqaa Arsii Asallaa 18/08/2001
32. Tasfaayee Tashoomaa A/Dhimmaa Arsii Asallaa 19/08/2001
33. Sulxaan Cokkee, A/Dhimmaa Arsii Lixaa 25/08/2001
34. Amiin Waaqoo A/Dhimmaa Arsii Lixaa 25/08/2001
35. Abas Hajikadir, A/Dhimmaa, Arsii Lixaa 25/08/2001
36. Abdallaa Huseen A/Dhimma Arsii Asallaa 19/08/2001
37. Kiiloo Kadiir, A/A/Q/Haqaa Arsii Lixaa, 20/08/2001
38. Irgaxee _____ A/A/Q/Haqaa Arsii Lixaa 21/08/2001
39. Birihanuu Tarikuu, A/S/M/Murtii Arsii Lixaa 21/08/2001
40. Fiqaduu Kumsaa A/A/Q/Haqaa Arsii Lixaa 23/08/2001
41. Malakuu Kumsaa A/A/ Biroo Haqaa Oromiyaa 28/08/2001
42. Halima Aman A/A/ Biro Haqaa Oromiyaa 28/08/2001

43. Adama _____ A/A/, Biro Haqaa Oromiyaa 28/08/2001
44. Umar Mahamed, A/S/M/Murtii Arsii Asallaa 17/08/2001
45. Usman Abdallaa, A/S/M/Murtii Arsii Asallaa, 17/08/2001
46. Girmaa Baqlaa, A/S/M/Murtii Arsii Asallaa 17/08/2001
47. Gazalii Alimed A/S/M/Murtii Arsii Asallaa 17/08/2001
48. Qaasiim Galgaloo A/A/Q/Haqaa Shawaa Bahaa, 17/08/2001
49. Ol'aanaa Bayyanaa, Wajjira Poolisii Shawaa Bahaa, 18/08/2001
50. Adam Galgaloo A/A/Q/Haqaa Shawaa Bahaa, 18/08/2001
51. Ashanafii Tesfaayee A/S/M/Murtii Shawaa Bahaa 18/08/2001
52. Rattaa Baaca A/S/M/Murtii Shawaa Bahaa, 18/08/2001
53. Tadalachi Iyyaasuu A/A/Q/Haqaa Iluu Abba Booraa 26/08/2001
54. Galii Abbaa Fiixaa A/S/M/Muttii Illuu Abbaa Booraa 27/08/2001
55. Gammachuu Baqalaa A/S/M/Murtii Illuu Abba Booraa 27/08/2001
56. Hundee Ganatii A/A/Q/Haqaa Illuu Abba Booraa 28/8/2001
57. Hayluu Hundee Wajjira Poolisii Illuu Abba Booraa 29/08/2001
58. Jamaal Abbaa Booraa A/S/M/Murtii Illuu Abba Booraa 29/08/2001
59. Moohamed Amiin A/S/M/Murtii Illuu Abba Booraa 29/08/2001
60. Seefuu Tamaam Wajjira Poolisii Illuu Abba Booraa 29/08/2001

Oddeeffannoo Dhunfaa

Bakka Hojii

Naannoo:_____

Godina: _____

Aanaa: _____

Gosa Hojii □

Abbaa Seeraa: □

Abbaa alangaa: □

Poolisii: □

Gaaffilee Abbootii Seeraa, Abbootii Alanga Fi Poolisootan Deebi'an

1. Seera fuula duratti hunduu wal qixa ni ilaalama jettanii ni yaaddu? Maaliif?

_____
_____
_____
_____
_____

2. Adeemsa qorannaa yakkaa keessattti gama poolisoota fi abbooti alangaatin hojimaata badaan jira jetanii yaaddan maal maal fa'ii? Fakkeenyaaf, mirga himatamaa waliin wal qabatee (Abbaa seeraan qofa kan deebi'u)

_____
_____
_____
_____
_____

3. Qorrannoon yakkaa erga xumuramee booda hojimaati badaan gama poolisii fi abbooti alangaa tiin jiru akkamitti ilaalu?

_____
_____
_____
_____
_____

4. Hojimaa badaa bilisummaa fi al-loogummaa abbooti seeaa waliin wal-qabatee mul'atu akkamitti ibsituu?

_____
_____
_____

_____
_____

5. Dhimmi tokko murtii utuu hin argatiin yeroo dheeradhaaf akka lafarra harkifatuuf wantoonni sababa ta'an maal fa'ii?

_____
_____
_____
_____
_____

6. Yeroo ammaa dhimmi ol-iyyannoodhaan ilaalamu kan duraanii irraa caala heddummachaa jira. Kanaaf sababa ta'a jettanii kan yaadan rakkoon gama Abbaa alangaa fi abbooti seeraatiin mul'atu mallii?

_____
_____
_____
_____
_____

7. Ragaan haqa-qabeessa fi quubsaa ta'ee dhiyaate murtiin haqa qabeessi akka hin laatamineef rakkoon jiru maali? Fakkeenyaaf, dhimma yakka irratti rakkoo gama poolisii, abbooti alangaa fi abbooti seeratiin jiru dhimma civilii irratti rakkoon gama abbooti seeratin fi abukkaato dhunfaa waliin wal-qabatee mul'atu akkamitti ibsitu?

_____
_____
_____
_____
_____

8. Yeroo ammaa sadarkaa manneen murtii hundaa irratti baayyinni dhimma (case backlog) ni mul'ata kanaaf rakkoon akka sababatti caqasamu maali?

_____
_____
_____
_____
_____

9. Hojimaata badaan rawwi murtii waliin wal-qabatee gama abbooti alangaa fi abbooti seeratin mul'atu maali fakkaataa?

_____
_____
_____
_____
_____

10. Gama naamusa poolisii, abbootii alangaa fi abbootii seeraatiin rakkinni qabatamaan mul'atu maali?

_____
_____
_____
_____
_____

11. Qaamoleen haqaa naannoo oromiyaa (wajjira poolisii, biiroo haqaa, manneen murtii) kenniinsa tajaajila haqaa foyyeessuf karoora qindaa'e ni qabuu? Yoo jiraate hangama hojjattootaan beekam? Hangam hojii irra ola jira?

_____
_____
_____
_____
_____

12. Haalli hojiimaan qaamolee haqaa naannichaa ittiin madaallamu (performance appraisa) jira?

_____
_____
_____
_____
_____

13. Bulchiinsi qaamolee haqaa tajaajila kenninsa irratti hangama gahumsa qaba?

_____
_____
_____
_____
_____

14. Haalli hojiwwan qaamolee haqaatiin hojjataman yeeroodhaa yerotti ittiin sakata'amu (inspektii ta'uu) jira? yoo jiraate hangama quubsaadha?

_____
_____

_____
_____
_____

15. Qacarii miseensota poolisii, abbootii alangaa fi abbootii seeraa keessatti ulaagaleen fi qoqophiin hojimaata badaa maqsuuf fudhatama jiran maal fakkaatu?

_____
_____
_____
_____
_____

16. Galmeewwan miseensoota poolisiitin, Abbaa alangaatiin yookiin Abbaa seeraatiin ilaallaman haala qinda'een ni galmaa'uu? Yoo galmaa'an hojiiwwan qaamoota kenneenii akkasumas gahumsa isaanii madaaludhaaf hangama hojii irra olaa jiru?

_____
_____
_____
_____
_____

17. Naamusaa fi dandeettii miseensoota qaamolee haqaa yeroodha karaa yerootti hordofiin godhamaa jiru maal fakkaata? Rakkowwan mul'atan hiikuuf maal hojatamaa jira?

_____
_____
_____
_____
_____

18. Haalli abbootiin dhiimmaa badii qaamolee haqaatiin irratti rawwatamuf faala argatan jira? Yoo jiraate hangama godhaadha?

_____
_____
_____
_____
_____

19. Murtiwwan mana murtiitin kennaman hangama ummataaf banaadha jittu? Murtiwwanii fi ajaja mana murtii yeroo gabaabaa keessatti haala salphaa ta'een argachuun ni danda'amaa?

_____
_____
_____
_____
_____

20. Haalchaa ummanni qaamolee haqaa irratti qaba akkamitti madaaltu? Rakkoowwan gama kanaan mul'atan hiikuf maaltu hojatamu qaba jetu?

_____
_____
_____
_____
_____

21. Ummanni murtee qaamolee haqaa irratti dursee maaliif abdii kutaata jetanii amantu?

_____
_____
_____
_____
_____

Gaaffilee Afaanii Abbootii Seeraa, Abbootii Alangaa fi Pooliisootan Deebi'an

1. Ijaarsii fi adeemsii hojimaata qamolee haqaa yeroo ammaa jiru tajaajila haqaa kennuu irratti rakkoo qabu akkamitti ilaaltu? Kanaan walqabatee jijjiran caasaa godhame ni jiraa? Yoo jiraate bu'aa fi fooyya'insa fide akkamiti ilaaltu?

2. Haala qacarrii, hojimata, naamusaa fi maddaallii hojjattoota deeggarsaa akkamitti ittiin hojachaa jirtu/ rakkoowwan gama kanaan mul'atan maal fakkaatu?

3. Hojiwwan qaamolee haqaa qaama subqunnamitiif hagam banaadha? Dhimmoon sub-qunnamitiif banaa fi cufaa ta'an addaan bahaanii ta'an jiruu?

4. Misseenson poolisii, abbotiin alangaa fi abbootiin seeraa dogogora hojii irratti ummamuuf hangam walsireessaa waliin hojjatu?

5. Hojiimaan badaan qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa keessatti ni mul'ataa? Yoo mul'ate dhimmoota maalfa irratti baayyata?

6. Hojiimaata badaa qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa keessatti mul'atan fooyyeessuf maaltu hojjatamaa jira?

7. Hojiimaata badaa qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa foyyeessuu keessatti hojiin abbootii dhimmaa fi hawaasa waliin hojjatamaa jiru maal fakkaata?

8. Miseensoota qaamoloee haqaa naannoo Oromiyaa badii adda addaa uuman irratti torkaanfiin fudhataman jiru maal fakkaata? Hangam gahaadha jettu?

9. Dhimma tokko irratti himati erga dhiyaatee booda dhimma sana irratti himati dafee maalii jetanii yaaddu?

10. Kenniinsa tajaajila haqaa namoota xiyaffannoo addaa barbaadan (fakkeenyaaf da'mman dubartoota fi nmoota rakkoo qaamaa qaban) mijeessuuf maal maaltu hojjatamaa jira?

11. Wantootni hojimaata babadaa manneen murtii fi waajjira Abbaa alangaa keessatti mul'atan maal fa'i?

12. Hojiimaata badaa gama qaamole haqaatiin mul'atan hiikuuf dhimoota leenjiin fi xiyyeeffanoo addaa barbaachisa jetanii amaatuu? maal fa'i?

13. Kenniinsa haqaa qulqullina fi safisaa qabu diriirsuuf akkasumas hojatoota fedhii fi jaalalaan tajaajila ogummaa haawaasiif kennan horachuuf maal maatuu hojatamu qaba jetu?